

YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI
OGBARRUU

SAKATTA'A DANDEETTII BARREESSUU AFAAN OROMOO
BARATTOOTA KOOLLEEJII BARSII SOTAA JIMMAA WAGGAA 3FFAA

INDAALEE WAAQJIRAA

GABAASA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA BARNOOTA
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUN GUUTTACHUUF
QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUMAANIITII, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI
OGBARRUUTIIF DHIYAATE

FULBAANA, 2014

JIMMAA, ITOOPHIYA

SAKATTA'A DANDEETTII BARREESSUU AFAAN OROMOO BARATTOOTA
KOOLLEEJII BARSIIISOTAA JIMMAAWAGGAA 3FFAA

INDAALEE WAAQJIRAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)GUUTTACHUUF QOPHAA'E
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAIFI HUMAANIITII
MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

GORSAA: CIMDII WAAQUMAA(Associate.Pro.)

GARGAARAA GORSAA:ABDUSALAAM ABBAA OLII(MA)

FULBAANA, 2014

JIMMAA, ITOOPHIYAA

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA)Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin Guuttachuuf Qorataan **Indaalee Waaqjiraa** Mata Duree “Sakatta’a Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Barattoota Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaa baratan”

Maqaa Qorataa **Indaalee Waaqjiraa** Mallattoo _____ Guyyaa _____

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Gargaaraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Galata

Dursa waan hundumaa bira nadabarsee isa kanaan naga'e Waaqayyoof galanni haata'u. Itti aansuun gorsaakoo Cimdii Waaqumaafi Abdulsalaam Abbaa Olee jalqabaa hanga xumuraatti yaadaafi deeggersa naaf godhaniif haa galatooman. Akkasumas Barsiisotaafi Barattoota Kollejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo yeroo isaanii aarsaa godhanii odeeffannoo barbaachisaa ta'e akkan argadhuuf gumaacha naaf godhaniif haa galatooman. Dabalataanis yeroo hundumaa hamilee naaf kennuun ofii aarsaa of gootee sadarkaa kanaan akkan ga'u kan nagargaarte haadha warraa koo kabajamtuu Dammituu Baqqalaa galata guddaan isheef qaba. Akkuma kana mucaakoo Sinboonnee Indaalee fedha ishee guuttachuu osoo hin yaadiin waan hunda obsuun tumsa kan naaf goote haa galatoomtu. Kana malees yeroon qarshii dhabe abdi kutetti michuu yeroo rakkinakoo Karrasaa Nagaasaa, Innideg Asmaaree, Ababaa Lamuufi Amalewarq Siyyum galanni keessan guddaa dha.

Axareeraa

Qorannoon kun mataduree Sakatta'a Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Barattoota Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa kan jedhu yoo ta'u, innis barreeffamni barattoonni barreessan maal akka fakkaatu, haali qubeessuu isaanii jecha irraa kaasee hanga keeyyata barreessutti jiru ciminaafi hanqinaalee akkamii akka qabu sakatta'uun adda baasuuf ta'ee, xiyyeeffannoon barattoota muummee Afaan Oromoon waggaa 3ffaa baratani dha. Malli qorannoon kun ittiin qaaceffames mala qorannoo qulqulleeffataa (akkamtaafi) safarataa (ammamtaan). kana malees iddattoon qorannoo kanas kallattiin barattoota dhiira 28 dubara 42 ida'ma 70 keessaa mala carraa tasaa salphaan gargaaramuudhaan 50% kan ta'an barattoota dhiira 14 dubara 21 ida'ama 35 kan ta'ani dha. Akka madda ragaa tokkoffaatti kan fudhataman barsiisota Kolleejjii barsiisotaa Jimmaa keessatti Afaan Oromoo barsiisan, dhira 5 dubara 1 waliigalatti barsiisota 6 (ja'a) mala miti-carraa ammargeettiin filamanii odeeffannoon irraa sassaabameera. Kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf meeshaalee funaansa ragaa kan akka bargaaffii barattootaafi barsiisotaa, qormaataa (barattoota barruu barreessisuu), akkasumas dabatara barattootaa akka iddattootti filatamanii sakattuun akka madda ragaa lammaffaatti fayyadamuun odeeffannoon walitti qabamee xiinxaleera. Ragaaleen funaanamanis, mala qaaccessa ragaalee lakkoofsaafi jechaan qaaceffamanii dhihaataniiru. Akka ragaan sassabame ibsutti barattooni muummee Afaan Oromoo kolleejjii barsiisotaa Jimmaa keessatti waggaa 3ffaa baratan hedduun isaaniis Afaan Oromootiin barreessuu akka dogoggorani dha. Keessumaa Dogoggora Qub-guddeessa, Maqaa namootaa fi magaalotaa yommuu barreessan qubee xixiqqaan eegaluun dogoggora uumuu, Sirna tuqaalee; Maqaa namoota addaa addaa yommuu barreessan qooddutti fayya damuu dhiisuun, jechoota tishoo ta'an gidduu sarara xiqqaa fayyadamuu dhiisuu, Walqabatiinsa yaada keeyyataafi himootaa kana jechuun barreeffama keessatti yaadni akka hin ciccinne jechoota walqabsiisotatti fayyadamuu dhiisuu, Jecha jabaatee barreeffamuu qabu jabeessanii barreessuu dhiisuu, jecha laafee barreeffamuu qabu jabeessuun barreessuu, sagalee dheerachuu qabu gabaabsuu, sagalee gabaabbachuu qabu dheeressuun dogoggorota barattoonni barruu isaanii keessatti uumani dha. Barsiisonni Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa keessatti Afaan Oromoo barsiisan barreeffama barattootaa ilaaluun cimina isaan qaban jajjabbeessaa, kan isaan fooyyeffachuu qabaniif duub-deebii kennaa hutuu barsiisanii garii dha.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata.....	I
<i>Axareeraa</i>	II
BOQONNAA TOKKO:SEENSA.....	1
1.1.Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2.Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3.Kaayyoo Qorannicha.....	4
1.3.1.Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2.Kaayyoo Gooree.....	4
1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	5
1.6.Hanqina Qorannichaa.....	5
BOQONNAA LAMA:SAKATTA’A BARRUULEE AANTEE.....	6
2.1. Maalummaa Barreessuu.....	6
2.2.Faayidaa Barreessuu.....	7
2.3 .Gosoota Barreessuu.....	8
2.3.1.Barreessuu Daanga’aa.....	9
2.3.2. Barreessuu Qajelfama Irratti Hundaa’e.....	9
2.3.3.Barreessuu Walabaa.....	10
2.4.Amaloota Barreeffama Gaarii.....	10
2.4.1.Tokkummaa.....	11
2.4.2.Wal hidhatiinsa.....	12
2.4.3.Guutummaa.....	12
2.4.4.Tartiiba.....	13

2.5.Dandeettii Barreessuu Cimsachuu.....	13
2.6.Wantoota Dandetiin Barreessuu Akka Hulfaatu Taasisan.....	15
2.6.1. Rakkoo Xiinsammuu.....	15
2.6.2. Rakkoo Xiinqooqaa.....	16
2.6.3. Rakkoo Beekumsa Qabiyyee(hubannoo).....	16
2.7. Sadarkaaleefi Tooftaalee Adeemsa Barreessuu.....	17
2.7.1. Barreessuu Duraa.....	18
2.7.2. Yeroo Barreessuu.....	19
2.7.3. Barreessuu Boodaa.....	19
2.8.Rakkoolee Barreessuu keessatti Nama Mudatan.....	20
2.8.1. Rakkoo Qubee Sirreessuu.....	20
2.8.2.Rakkoo Sirna Tuqaaleetti Haalaan Fayyadamuu Dhabuu.....	21
2.8.3. Rakkoo Qubeessuu Dhabuu.....	22
2.9. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii.....	23
2.10.Dayeessa Qorannichaa.....	25
BOQONNAA SADI :SAXAXA FI MALLEEN QORANNICHAA.....	27
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	27
3.2.Irraawwatama Qorannichaa.....	27
3.2.1. Mala Iddatteessuufi Iddattoo.....	27
3.2.1.1.Mala Iddatteessuu.....	27
3.2.1.2.Iddattoo.....	28
3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa.....	28
3.3.1. Barattoota barruu barreessisuu.....	28
3.4. Mala Qaaccessa Ragaa.....	28
3.5. Adeemsa Funaansa Ragaaleefi Naamusa Qorannichaa.....	28

BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA ODEEFFANNOO.....	30
4.1. Odeeffannoo Walii galaa Barattoota koollejii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Wagaa 3ffaa Bara 2012tti baratani.....	30
4.2. Qaaccessa Ragaalee Bargaafii Barattootaa.....	30
4.3. Qaaccessa Ragaalee Bargaafii Barsiisotaa.....	32
4.4. Qaaccessa Ragaa Gaaffilee banaa ta’anii barattootaaf dhiyaate irraa argame.....	35
4.5. Qaaccessa Ragaa Gaaffilee banaa ta’anii barsiisotaaf dhiyaate irraa argame.....	35
4.6. Qaaccessa Ragaa Barattoota Barruu Barreessisuun argame.....	37
4.6.1. Dandeettii Barreessuu Barattoonni Koollejii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Wagaa 3 ^{ffaa} baratani.....	37
4.6.2. Qaaccessa Ragaa Barattoonni Faayidaa Biqiloota Magarisaa Barreessanii.....	39
Gabtee 5: Qaaccessa Ragaa Barattoonni Faayidaa Biqiloota Magarisaa Barreessanii... 39	
Jecha barattoonni barreessan.....	39
4.6.3. Qaaccessa ragaa barattoonnii gaaffii qarshiimoo beekumsatu caalaa?jedhuuf yaada mataa isanii barreessanii.....	40
4.7. Qaaccessa Ragaa Sakatta’a Barruu Barattootaa.....	40
BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, GOOLABA AFI YAADA FURMAATAA.....	42
5.1. Gudunfaa.....	42
5.2. Argannoo.....	42
5.3. Yaada Furmaataa.....	44
Wabiilee.....	45
Dabalee A.....	47
Dabalee B.....	49
Dabalee C.....	51
Dabalee D.....	52
Dabalee E.....	52

Dabalee F..... 54

BOQONNAA TOKKO:SEENSA

1.1.Seenduubee Qorannichaa

Beekaan,(2015:130) Barreessuun adeemsa afaanii karaa namni tokko ragaa ergaan isaa akka darbu barbaadame jechootaan ijaaree ittiin ibsudha.Kana malees barreessuun adeemsa walxaxaa dandeettii barreeffama harkaafi qubeesuutii hanga caasimaatti haammatudha.

yaada armaan olii irraa waanti hubatamu dandeettiin barreessuu kan ittiin yaada Keenya jechootaan qindeessinee ittiin ibsannuufi ergaa yookiin dhaamsa dabarsuu barbaanne tokko kan itti dabarsannuf hojiin barreessuu hulfaataafi hojii wal xaxaa ta'uu isaati.Akka Kelly (1997:27) jedhutti, Barreessuun yaada ofii jechoota ifaafi sirrii ta'anitti fayyadamuun ergaa guutuu ta'e waraqarraa ka'uun qama biraatiif dabarsuu dha .

Atkins etal,(1996:82) faayidaa barnootaafis ta'e sababoota biroof dandeettiinwwan barbaachisummaan isaanii guddaa ta'an keessaa dandeettiin barreessuu isa tokkodha jedha.Yaada hayyootaa kanarraa waanti hubachuun danda'amus, barreeffamni barnootaafis barbaachisaa ta'uu isaati.Namoota addunyaa kanarra jiraatan baay'een isaanii yaada wal jijjiiruuf,barnootaafi qorannoo adda addaa gaggeessuuf barreeffamatti dhimma bahu.Kanaafuu ergaa ifafi sirrii ta'e qixa sirrii ta'een dabarsuuf dandeettii barreessuu gaarii qabaachuun murteessaa dha.

Langan,(1985:14) jedhutti "*Writing is away to communicate with others. When you write for others,it is crucial to know both your purpose for writing and audience who will be reading your work.*" jedha.Kana jechuun barreessuun daandii walii galtee namoota biroo waliiniiti.Kanaaf, yeroo waa barreessinu kayyoo barreessinuufi namoota barreeffama keenya dubbisan beekna.

Beekaan(2015:127),(Byrne 1988,Raimes 1983) wabeeffachuun dandeettii barreessuu yoo ibsu, "Barreessuun dandeettii afaanii isaan bu'uuraa(dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi barreessuu) keessaa isa tokko dha.Dandeettiin kun akka dandeettiidhaggeeffachuufi dubbachuu waan salphaatti baramu osoo hin taane,xiyyeeffannaan guddaan itti kennamee kan mana

barnoottaatti baratamu dha. Sababa duraan mana keessatti yookiin maatii biratti muuxannoon isaa hin jirreef,dandeettiin barreessuu hulfaata dha”

Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, daa'imni tokko dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu maatiifi hawaasa keessatti guddatte irraa barachuu kan dandeessuu yoo ta'u,dandeettiin barreessuu immoo manneen barnootaa keessatti barachuun kan gonfatamu dha.Sababiin isaas ogummaan barreessuu hulfaataafi walxaxaa sababa ta'eef.

Dandeettii barreessuu akka dandeettii dubbachuu naannoorra kan baratamu miti.Kana jechuunis,dandeettii dubbachuu yeroo daa'immuurraa jalqabee gabbifamaa kan dhufu yommuu ta'u,dandeettiin barreessuu garuu haala kanaan kan baratamu miti.Kun immoo dandeettii barreessuu cimaa isa taasiseera.Kanaafuu daree afaan barsiisuu keessatti xiyyeeffannoon guddaan itti kennamuu qaba.Beekan (2015:132)

Kanaafuu dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan kaan irra xiyyeeffanoofi shaakala kan barbaadudha.Kanuma ilaalchisee Atkins etal,(1996) yeroo ibsu, *“Writing skills should be practiced in class as well as at home.Class time is not only for grammar and vocabulary.If students are to develop writing skills,they need to work on writing skills activities in class under the teacher’s supervision as well as writing out of class.”*Kana jechuun barattoonni dandeettii barreessuu gonfachuuf shaakala walirraa hin cinne gochuu akka qabaniifi barsiisonnis dandeettii barreessuu barsiisuuf toftaalee adda addaatti fayyadamuun gahee isaanii bahachuu qabu.

Kana malees (Tafarii 1998) “sagaleen Afaan Oromoo walitti qindaa'uun sadarkaadhaan seera mataa isaa eegee guddata.Afaankamiyyu immoo seera mataa isaa qaba.kana jechuun seera ittiin barreeffamu,akkaataa ergaa guutuu ta'e dabarsuu danda'u ulaagaa barreeffamaa kan mataa isaa danda'e qaba.” bu'uuruma kanaan qorannoon kun Sakatta'a Dandeettii Barreessuu barattootaa Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Waggaa 3^{ffaa} yommuu ta'u,Danddeettii Afaan Oromoortin barreessuu barattootaa sakata'uun hanqinaafi sababa hanqina barreessuu isaanii irratti kan xiyyeeffate dha.

1.2.Ka'umsa Qorannichaa

Hojii baruu barsiisuu keessatti dogoggorri kallattii adda addaan mul'achuu ni danda'a.Isaan keessaa tokko afaam baruufi barsiisuu keessatti.Yeroo afaan baramuufi barsiifamu dogoggorri dubbachuus ta'e barreessuu nama mudachuu danda'a.Caicedo(2009,f.43)

Barnoota Afaanii keessatti dandeettiin barreessuu iddoo ol aanaa qaba.kanaafuu dandeettii kana akka barattoonni gonfataniif tumsa gochuun barbaachisaa ta'e.Yaduma kanaan kan wal fakkatu,

Beekan(2015:134), sababoota barreessuun barbaachiseef keessaa inni tokko ittiin barachuuf akka meeshaatti gargaaruu isaati.Kana jechuun immoo gosoota barnootaa baratamu biraa barreessuun waan hin hafneef,beekumsa sanarraa argamullee irra caalaa barreessutiin ifa taasifama.Barreessutiin barattoonni caasaalee haarawaa yookiin yookiin jechoota haarawaa,caacculee afaanii akka baratan gargaara.Yoomessa kana keessatti gaheen barreessuu barnoota afaanii keessatti jiru kun isa gosa barnoota biroo keessatti gargaaramnu wajjiin xinnoo garaagarummaa qaba.Sababiin isaas,barattoonni hagam akka fooyyee agarsiisaa jiran,barsiisaa irraa yaaddeebii argatanitti,barsiisonnis rakkoo isaan qaban akka beekan yookiin hubataniif karaa bana jedha.

Yaada Hayyuu kana irraa waanti hubatamu,dandeettiin barreessuu gosoota barnootaa biroo illee akka meeshaatti kan gargaaruufi dandeettii barreessuu barsiisuun immoo gosa barnootaa biroo keessatti isa barreessine waliin addummaa kan qabu ta'uu isaati.Kana malees dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti tumsiifi gaheen barsiisaa bakka gudda kan qabu ta'uu isaati.Qorataan mata duree sakatta'a dandeettii barreessuu barattootaa kollejji Barsiisotaa Jimmaa muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan irratti kan bu'uureffatu dha.Dhimma kana irratti qarataan qorannoo kan gaggeesseef wantoota isa kakaasaan keessaa:

Kadhimmamtoonni barattootaa kollejji Barsiisotaa Jimmaa yeroo shaakala of danda'ani barsiisuu(practice) waggaa waggatti batii lama lamaaf mana barumsaa qorataan keessa hojjechaa jiru irraatti bobba'u.Yeroo kanattis barreeffama barattoonni kollejji kun barreessan argaa tureera. Kan malees kaadhimmamtoonni barsiisotaa kun barattootaaf battallee adda addaa yeroo barreesanitti barreeffama isaanii keessatti rakkoon qubeelee afaan Oromoo halaan fayyamu irratti hanqina qabu turan.

Kanaafuu qorataan kun barsiisonni kollejji barsisotaa Jimmaa keessatti dandeettii barreessuu Afaan Oromoo barsiisaan xiyyeeffannoo itti kennanii akkamitti akka barsiisaniifi barreeffamni

barattoonni Afaan Oromootiin barreessan maal akka fakkatu sakatta'e. Kanarraa ka'uun qorataan kun gaaffilee qorannoo kanaan deebiii argatan akka armaan gadiitti qopheeffate.

1. Barattoonni Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3^{ffaa} baratan dandeettiin barreessuu isaanii maal fakkaata?
2. Barattoonni Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3^{ffaa} baratan gilgaala dandeettii barreessuu xiyyeeffannoo itti kennuun hangam hojjetu?
3. Barsiisonni Kollejji Barsiisotaa Jimmaa keessatti Afaan Oromoo barsiisaan Ogummaa dandeettii barreessuu addatti xiyyeeffannoo itti kennuun ni barsiisu?

1.3. Kaayyoo Qorannicha

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa Ogummaa dandeettii barreessuu barattootaa Kollejji barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan sakatta'uun dha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kayyoon gooree qorannoo kanaa

- ❖ Barattoonni Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3^{ffaa} baratan, gilgaala dandeettii barreessuu cimsan xiyyeeffannoo itti kennuun hagam akka isaan hojjetan adda baasuu,
- ❖ Barsiisonni Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo, Barattootaa waggaa 3^{ffaa} barsiisaan Ogummaa dandeettii barreessuu addatti xiyyeeffannoo itti kennuun barsiisuu isaanii adda baasuu .
- ❖ Barattootaa kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3^{ffaa} baratan dandeettiin barreessuu isaanii maal akka fakkaatu ibsuu

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

- Barattoonni kollejji barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3^{ffaa} baratan kaka'umsa isaan dandeettii barreessuu isaanii cimsachuuf qaban maal akka fakkaatu sakatta'uuf

- Argannoo waraqaa qorannoo kana irraa basiisonni Afaan Oromoo barsiisan qaawa dandeettii barreessuu irratti mul'ate hubachuun akka irratti hojjetan kallattii kaa'eera.
- Haftee waraqaa qorannoo kana irraa Kolleejjiin barsiisotaa Jimmaa barattoonni muummee Afaan Oromoo baratan Afaan Oromoon yeroo barreessan waantoota isaan rakkisu kolleejjiin beekuun xiyyeeffannoon akka irratti hojjetan taasisuuf. Kunis qorannicha mana kitaabaa kaa'uun akka bira qaqqabu ta'a.
- Namoota mataduree kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

1. 5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Kollejjoota Naannoo Oromiyaa keessa jiran hunda keessatti osoo gaggeeffamee, bu'aan argamu guddaa ta'a. Garuu yeroo dheeraafi baasii guddaa kan gaafatu dha. Kanaafuu qorannoon kun kan gaggeeffame Naannoo Oromiyaa Godina Jimmaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa Kolleejii Barsiisotaa Jimmaa Keessatti, Barattoota Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan keeyyata isaan Afaan Oromoon barreessan sakatta'uu dha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Yeroo qorannoon kun gaggeeffamu waantoonni akka hanqinaatti ka'an keessaa tooko yeroo dha. Sababiin isaas qorannoo tokko gaggeessuuf yeroo ga'aa ta'e barbaada. Qorannoon kun yeroo gaggeeffamu garuu yeroo sababa dhibee COVID 19'n wayitiin barnootaa Afaan Oromoo 3(sadii)kan ture gara tokkootti gad bu'e dha. Sababa kanaaf barattootaafi barsiisota torbanitti yeroo tokkoo ol argachuun rakkisaa ture. Yeroo ga'aan osoo argamee argannoo hedduu argachuun ni danda'ama ture.

Kana malees hanqinni qorrannoo kanaa inni biroon sababa yeroottiin kan ka'e kolleejii tokko qofa keessatti gaggeeffamuun isaati. Hutuu kollejjoota adda addaa keessatti gaggeeffame bu'aan kana caalu argamuu ni danda'a. Haata'uuyuu malee, qorataan barsiisota kolleejjichaafi barattotta akka iddattootti filaman kayyoofi barbaachisummaa qorannoo kanaa hubachiisuudhaan, wal mari'achuun torbanitti guyyaa tokkoon ala yeroo barsiisonni barnoota dabalaataaf barattoota waamanittis argamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e walitti qabachuu danda'eera.

BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUULEE AANTEE

2.1. Maalummaa Barreessuu

Akka Byrne (1988:22) hiika barreessuu ertuttii, Barreessuu jechuun tooftaalee namoonni fedhii yaada yookiin dhagahama ofkeessaa qaban nama biraaf haala barreeffamaan kan ittiin ibsachuuf gargaarudha. jechuun ibsiti. Akka Nunan (1991:85) hiiktettis Barreessssuu jechuun adeemsa namni tokko yaada sammuusaa keessa jiru mallattoolee garaa garaatti gargaaramee waraqaarra kaa'uun namni biraa akka hubatu kan ittiin taasifamuudha.

Akka Langan (1995:14) jedhutti, *“writing is as a way to communicate with others. When you write for others, it is crucial to know both your purpose for writing and audience who will be reading your work...”* Kana jechuun barreessuun akka daandii walii galtee namoota biroo waliniiti. Kunis yommuu namoota birooof barreessinu, kaayyoo barreessinu fi dubbistoota barreeffama keenya dubbisan beekuun baay'ee barbaachisaadha.Kanaafuu barreessuun dandeettii namni tokko adeemsa barumsaa keessatti gabbifachaa adeemu ta'uu isaa hubanna.

Akkuma beekamu dandeettiin kamuu guyyaa keessa kan argatamu, kan galma ga'us baratameeti. Akkaatuma kanaan barreessuunis dandeettii waraqa yookiin wanta irratti barreessan kamiyyuu fi qalamaan yookiin halluu barreessuun wal'aansoo gochuun shaakala taasisuudhaan kaan baratamudha.Haaluma kanaan barreessuun ogummaa qindaa'inaan adeemsa ergaa dabarsuu keessatti shaakala yeroo dheeraa fudhachuun argamudha.

Barreessuu ilaalchisee,Beekan(2015:131),Byrne(1988:4) wabeeffachuun maalummaa barreessuu yeroo ibsiti, *“ writing is aprocess of encoding (putting your idea into words carried out with areader in mind, ”*jedha. Akka yaada hayyoota kanaatti barreessuu jechuun dandeettii yaada ofii fi dhamsa sammuu ofii keessa jiru tokko jechootatti jijjiiruun waraqaarra kaa'uun akka nuti hubannetti dubbisaanis akka hubatu kan ittiin goonu dha. Yaaduma kan deeggaruun Nunan,(1991:85) Barreessssuu jechuun adeemsa namni tokko yaada sammuusaa keessa jiru mallattoolee garaagaraatti gargaaramee waraqaarra kaa'uun namni biraa akka hubatu kan ittiin taasifamuu dha jetti.

Kelly(1997:3),Barreessuun gocha waalii galteeti. Kunis gocha yaadakee jechootatti gargaaramuun bifa barreeffamaatiin nama birootiif dabarsitudha jetti. Yaada kana cimsuun Pincas,(1989:2) Barreessuun kan namni tokko fedha isaa ittiin calaqisiisuufi yaada qabu namoota

isa fakkaataniif meeshaa ittiin dabarsu dha. Akka yaada kanaatti barreessuu jechuun tooftaa wal qunnamtii ta'ee, kan barattoonni yaadaafi dhagahama keessa isaanii waraqaarra ittiin kaa'an, kan ittiin beekumsa gonfataniifi mormii tokko keessatti yaada siirrii dhiyeessuun kan ittiin amansiisuu danda'an ogummaa barreessuu gaarii yoo qabaatani dha.

Yaada kanatti dabaluu Donough and shaw(1993) akka ibsanitti barreessuun adeemsa barreessaan itti dubbistootaaf dhaamsa dabarsu dha jedhu. Itti dabaluu Bayrne,(1988:11) Barreessuu jechuun seera walii galtee namoota gidduutti taasifamuun mallattoo sagalee bakka bu'uu danda'uun jecha uumuu, jechaan immoo haala seerri afaanichaa heyyemuun karaa qindoomina qabuun himoota ijaaruun mala yaada ittiin dabarsani dha jetti.

Dabalataanis Masarat,(2016:6) qorqonoo isaa keessatti Ur.P(1996:163) wabeeffachuun "Barreessuun yaada sammuu namaa keessa jiru haala qindoomina qabuun barreeffamaan kaa'uu dha" jedha. Gama biraatiin immoo Jeff Anderson fi kanneen biroon (21th century:5) waa'ee ogummaa barreessuu yeroo ibsan "*Writing well is one of the most important life skills you can develop. Baeing good writer can help you achieve success in school and be you.*" jedhu. Kunis kan ibsu barreessuun ogummaawwaan afaanii keessaa isa baay'ee murteessaa ta'eefi fooyyeeffachuunis kan danda'amu ta'uu isaati. Kana malees barreessaan gaariin tokko mana barumsaattis ta'e bakka birootti milkaa'ina gaarii qabaata.

Akkuma yaada hayyoota armaan olii irraa hubachuun danda'amutti ogummaan barreessuu mana barumsaa keessatti akka baratamuufi akka dandeettii dubbachuu fi dhaggeeffachuu hawaasa keessaa salphaatti kan hin baratamne ta'uu isaa ti. Walumaa galatti barreessuun adeemsa namoonni baratan waan sammuutti yaadan tokko baasanii waraqaarra qalamaan kaa'uun dhimmoota adda addaaf kan itti gargaaraman jechuu dha.

2.2.Faayidaa Barreessuu

Barreessuun keessumattuu namoota barataniifi barataa jiran biratti bakka guddaa qaba. Barattoota barataa jiraniif immoo beekumsaafi bilchina sammuu gonfachiisa.

Misgaanuu (2011), Glencoe (2001:15) wabeeffachuun yeroo ibsu "*Writing can help you sense out new information in any subject area. You never fully knoun something until you can states it in your own words. There fore, writing is ameans of learning.*" Yaadni kun kan ibsu, barreessuun karaa ittiin odeeffannoo harawaafi beekumsa waa'ee gosa barnootaa adda addaa ittin argataniifi faayidaa adda addaaf kan oolu ta'uu isaati. Kunis barattoonni ogummaa barreessurratti yoo

milkaa'an barreeffama adda addaa kan mana hojii mootummaas ta'e kan dhuunfaa isaanii barreessuun akka dhimma itti bahaniif isaan gargaara.

Kana malees namni tokko barreessuudhaan ni barata;beekumsas ni gonfata,yaada haaraa maddisiisuufi dhalootaaf dabarsuuf kan nama gargaaru, jireenya hawaasummaa keessattis yaadannoo qabachuuf,xalayaa barreessuuf,gabaasa barreessuufi seenaa jireenya ofii barreeffachuuf kan nama gargaaru dha.

Faayidaa barreessuu ilaalchisee qorannoo ishii keessatti Taddalachi,(2009:9) qorannoo ishee keessatti yeroo ibsitu,

Namni barreessuudhaan nibarata; beekumsa ni gonfata. Ogummaan barreessuu yaada haaraa maddisiisuufi dhalootaaf dabarsuuf kan nama gargaaru;jireenya hawaasummaa keessattis yaadannoo qabachuuf,xalayaa barreessuuf, gabaasa dhiyeessuuf kan nama fayyaduudha. Barreeffamni harkaa gaariin barattoonni tooftaalee dandeettii yaaduu(Thinking strategies) akka gabbifatan taasisa.Barataan yeroo hunda barreessu waan barreesse sana irra deebi'ee dubbisuudhan ni xiinxala; nifooyyessa. Jechoota waliin waan taphatuuf hiikawwan adda addaa nibara; akkaataa yaada isaa ittiin ibsatu ni gabbifata. Kana malees, barreeffamni isaa nama biraatiin dubbifamuun isaa ilaalchi inni ofii isaatii qabu olaanaa akka ta'u taasisa ..

Walummaa galatti fayidaan barreessuu inni tokko gosa barnootaa kanneen biroo ittiin barachuuf illee akka meeshaatti gargaaruu isaati.Kana jechuun immoo gosoota barnootaa hedduu baratamu biraa barreessuun waan hin hafneef dha.Kanaafuu namni barreessu tokko ogummaa barreessuu qofa kan gonfatu osoo hin taane,beekumsa qabu nama biraaf kan qooduufi muuxannoo dhuufaa isaa gabbifachaa kan deemu dha.

2.3 .Gosoota Barreessuu

Gosootni barreessuu adeemsa baruu barsiisuu keessatti sadarkaa cimina isaanii irratti hundaa'uudhaan bakka sadiitti qoodamu.Isaanis: Barreessuu daangeffamaa,barreessuu qajeelfamaa fi barreessuu walabaa jedhamu. Pincase(1982:101)

2.3.1. Barreessuu Daanga'aa

Barreessuu daanga'aa jechuun waanti barattoonni barreessan hundi ta'annoo barsiisaatiin kan gaggeeffamu jechuu dha. Kaayyoon isaas sirreessuu fi carraa dogoggora uumuu muraasa kan qabudha. Shakalli gosti barreessuu daanga'aan qabus gabatee kenname keessatti himoota garagalchuu yookiin bakka duwwaatti deebii sirrii ta'e qofa guutuu dha. Atkins(1996:116) barreessuun daanga'aa kan xiyyeeffatu baayyinaan too'annoo barsiisaan kan geggeeffamuudha. Barreeffamni geggeeffamu bifa haaraadhaan waan geggeeffamuuf barattoonni hedduun carraa dogoggoruu hin uuman. barattoonni shaakala kana akka horataniif mala kanatti gargaaramuun qajeelfama yookiin ajaja ifa ta'e kunnuun gargaaruun barbaachisaadha.

Kana ilaalchisee Raimes, (1983: 95) irratti akkas jetti barreeffama barattoonni kee barreessan hundi gosa haala too'annoon barreessan yoo ta'e qabiyyee fi unkaa irratti gargaarsi godhamuufii qaba. Kanaafuu barreessuun daanga'aa hojii to'annoon hojjetamu waan ta'eef dogoggora baay'ee kan of keessaa hin qabne dha.

2.3.2. Barreessuu Qajeelfama Irratti Hundaa'e

Barreessuu qajeelfama irratti hundaa'e ilaalchisee hayyuun Pincase(1982:102) yeroo ibsu, barreessuun qajeelfamaa barreessuu daanga'aa fi barreessuu walabaa gidduutti akka riqichaatti kan dhaabbate dha. Kunis barattoota gargaaruun kan danda'u, barreeffama kamiinuu kan dabalatu, kan akka moodela hordofuu, kaayyoo kitaaba haala gaariin barreeffamae irraa qajeelfama haala akkamiin akka xummuramuu fi babal'isuu, fakkii waanta haaraa barreessuu fi waanta biroo waliin wal bira qabee agarsiisu ta'uu qaba.

Yaaduma kanaan kan ibsu Geetaachoo (2016:7) maalummaa barreessuu qajeelfamaa yeroo ibsu "Qajeelfamaan barreessuun mala sadarkaa sadarkaan dandeettii barreessuu cimsachuuf waa'ee waan tokkoo karaa qabsiisuu dhaan kan itti aanee dhufu maal akka ta'uu qabu tilmaamuu dhaan akka barreessaan gochuu dha" jechuun ibsa.

Walumaa galatti barreessuun qajeelfamaa akkuma maqaa isaa irraa timaamuu danda'amuutti barruu qopheessuuf daandii kan nama qabsiisudha.

2.3.3.Barreessuu Walabaa

Dandeettiin barreessuu kun erga barataan hojii cimaa hojjetee booda kan argamu dha.Sababiin isaas barataan dirqama shaakala bal'aa gochuun barsiisaa waa'ee barreessuu barsiisu waliin mar'achuunifi kitaaba kayyoo kanaa(barreessuu walabaa) irratti barreeffame dubbisuu kan argamudha.

Hedge(1983:11) gosoota barreessuu irratti yaada yoo kennu, Gosootni barreessuu bakka sadiitti qoodamu. Isaanis barreessuu daanga'aa,barreessu qajeelfamaafi barreessuu walabaati.

Barreessuu daanga'aa keessatti dalagaa barattooni raawwatan barsiisaan kan to'atamu yoo ta'u;Carraan dogoggora uumuu barattoota xiqqaa dha.Barreessuun qajeelfamaa garuu barreessuu daanga'aa fi barreessuu walabaa kan wal qunnamsiisu ta'ee,akka barreessuu daanga'aa dogoggora uummuu irraa walaba kan ta'e miti.Karaa biraatiin immoo barreessuun walabaa sadarkaa barreessuu isa xumuraa ta'ee, muuxannoo fi hojii yeroo dheera keessatti argamu dha.Sadarkaa kanatti kan raawwatamu barattooni mata duree barbaadan irratti walaba ta'anii barreeffama mataa isaanii kan itti qopheessani dha. To'annaan barsiisaan sadarkaa kanatti gaggeessu cimee kan mul'atu miti.Maloonni gosa gochaalee dandeettii barreessuu kana keessatti hojiirra oolan kanneen akka: xalayaa barreessuu, barreeffama gaggabaaboo fi kanneen kana fakkaatani dha.(Raimes,1983:3) Walumaa galatti barreessuun walabaa gosoota barreessuu hunda kan of keessati haammatu dha.

2.4.Amaloota Barreeffama Gaarii

Dandeettiinwan Afaanii arfan adda baafamanii hin barsiifaman yoo ta'e illee dandeettii barreessuu waanti adda taasisan keessaa: himoonni barreeffama keessatti argaman haala qindoomina qabuufi ergaa dabarsuu danda'aniin qinda'anii dhihaachuu qabu.Kunis kan ta'uu qabuuf barreessaa fi dubbisaan waan wal bira hin jirreef,yaadni barreessaa himootaa fi jechoota sirriin bakka sirrii ta'anitti galanii hin barreeffamne taanaan dubbisaan yaada barreessaa hubachuu hin danda'u.Yookiin yaadni barreessaa fi dubbisaa wal bira darba jechuu dha.

Barreeffamni gaariin ibsoota maqaa fi ibsoota xumuraa walxaxoo ta'an kan hin fayyadamne,jechoota ifoo ta'an kan of keessatti qabatudha.Kana malees barreeffamni tokko himoonni seeraan barreeffamuu qofti barreeffama ifaa hin taasisu;himooni seeraan qindaa'anii wal qabatiinsa yaadaa eeganii kan barreeffaman ta'uu qabu.Barreessuun sirna tuqaalee,qub

guddeessa, jechoota wal ta'oo fi xiyyeeffanno agarsiisanitti dhimma bahuun yaada ofii ifa gochuu dha. Gray(1987:472).Byrne.D.(1988)

Nunan,(1991) barreessuun kan hulfaatuuf, namoonni baay'een qulqullina barreeffamatiif waan dhiphataniif jetti.Yaada kanatti dabaluun Diyani and Pat(1998:4) amaloota barreeffama gaarii yeroo ibsan Barruun tokko barreeffama gaarii jedhamuuf amaloota inni qabaachuu qabu keessaa:tokkummaa,wal ta'iinsa yaadaa, guutummaa fi tartiiba dha.Yaada kana deeggaruun Addunyaa (2014:149) "Keeyyanni gaariin tokko ulaagaalee ittiin madaalamu qaba.Ulaagaalee kanneen keessaa muraasni tokkummaa,wal-hidhatiinsa,guutummaafi tartiiba ta'u."Yaada kanarraa waanti hubatamu,namni barreessu tokko barreeffamni isaa barruu gaarii akka ta'uuf,dursee ulaagaaleefi amaloota barreeffama gaarii beekuun barbaachisaa dha.

Yaada armaan olii kana cimsuun Beekan,(2015:179) Byrne,(1988) wabeeffachuun akka eerutti,

amala barreessuufi dubbachuu yommuu waldorgomsiiifnu, dandeettii barruu kan adda taasisa ni jiru.Isaanis,himoonni barreeffama keessatti mul'atan hubannoofi xiyyeeffannoon haala ifa ta'een akka ergaa dabarsuu danda'utti qindaa'anii dhiyaachuu qabu.Kun kan ta'uu danda'eefis,barreessaafi dubbisaan walbiratti waan hin argamneef,yoo yaadni barreessaa ifa hin ta'iin hafe,dubbisaan hubachuu hin danda'u.Akkasumas,barreessaan sirna tuqaalee,qub-guddeessaafi jechoota walta'insaafi xiyyeeffannoo agarsiisanitti gargaaramuun yaada ifa gochuun barbaachisaa dha jedha.

Kanaafuu barreessaan gariin tokko barreeffama isaa keessaatti tokkummaa qabiyyee,unka,caasaa himaa,jechoota filatamoo,sirna tuqaalee fi himoota qindeessuun kan barreessu ta'uu qaba.

2.4.1.Tokkummaa

Tokkummaa ilaachisee Addunyaa(2014:149)

Hariiroo himoonni ijoofi himoota kanneen biroo keeyyata tokko keessatti argamanii ilaallata.Keeyatni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu yaada hima ijoo keessatti dhiyaate himoonni gargaartuufi himni goolabaa yoo tumsani dha.Tumsi himoota keeyyata tokko ijaararii kun ammo ergaa darbu sanaaf humna ta'a. Tokkummaan humna kan jedhamuufis qabata kanaani. Keeyyatni tokkummaa hin

qabne ergaa barbaachisu dabarsuuf humna dhabuurra darbee dubbistoota nuffisiisa jedha.

2.4.2.Wal hidhatiinsa

armaan olii kanarraa waanti hubatamu yaadni keeyyata adda addaa keessatti dhiyaatu yaa'insi yaadaa wal qabatee kan hin deemnee fi addaan ciccitaa yoo ta'e, dubbistoonni yaada tokko hutuu sirriitti hin hubatiin gara yaada haaraatti qalbii isaanii waan ceesisuuf nuffiin itti dhagahama. Kanaafuu barreessaan tokko walqabatiinsa yaadaafi keeyyata isaa haalaan beekuun barbaachisaa dha.

Walta'iinsi ulaagaa barreeffamni tokko barreeffama gaarii jechisiisaan keesaa isa tokko dha.Kun immoo kan ta'uu danda'u himoonni gargaartuu keeyyata tokko keessa jiran hima ijoo keeyyaticha keessa jiru ibsuu yoo danda'e dha.

Yaduma kana kan cimsu Addunyaa(2014:149) “Wal-hidhiinsi shoora waliingaan(connectr) jechoota,gaalleewwan,himootaafi yaadolee keeyyata tokko ijaaran keessatti taphatu ilaallata.Waliigotakankeessaamuraasniqabsiistuu(conjunction),bamaqaa(pronoun),tuqaalee(punctuation)fi irra deddeebii jechootaa ijoo ta'anii (ripitition of key word)ta'u.” Diyanni and Pat,(1998:34) yaada kana yeroo ibsan barreeffamni akkataa nama amansiisuun yoo qindaa'e barreeffama walta'iinsa qabu jedhama jedhu.

Kanaafuu barreessaan kamiyyuu barreeffama isaa keessatti walta'iinsi yaadota adda addaa fi keeyyatootaa gidduu jiru jiraachuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.

2.4.3.Guutummaa

Addunyaan,(2014:150) “Guutummaan keeyyata tokkoo eegamuun galam ga'uu ergaa dabarsuu barbaanne tokkootiif gumaacha guddaa taasisa.Kana jechuun yaanni hima ijoo keessatti dhiyaatu tokko ibsamee fakkeenya barbaachisuun deeggaramee xumuramuu qaba.Kana ta'uu baannaan qaawwa tokko uumuun hubannaafi miidhaginatti gufuu ta'a”

Jedha.Yaadni kun kan nama hubachiisu,barreeffani tokko kayyoo barreeffamuufi hima ijoo mataa isaa ni qabaata.Kanaafuu guutummaan barruu sanaa jalqabaa hanga xumuraatti waa'ee hima ijoo isaa irratti hundaa'uun barbaachisaa dha.

2.4.4.Tartiiba

Ulaagalee barreeffamni gaariin ittiin mirkanaa'u keessaa tartiibni isa tokko ta'ee, haala odeeffannoo barruu tokkoo yookiin keeyyata tokko keessatti dhiyaatu kan ilaallatu dha.Kana jechuunis barruun tokko yeroo barreeffamu gocha yookiin taatee dura raawwatame dura dhiheessuun tartiibaan gara gocha isa booda raawwatameetti ce'uu qaba.Karaa biraa immoo waanta barbaachisummaan isaa guddaa ta'e dura aansuun kan faayidaan isaa xiqqaa ta'e immoo bodarra dhiheessuu qaba.

Yaaduma armaanolii kana cimsuun Addunyaa,(2014:150)

Tartiibnis ulaagaa keeyyataa keessaa isa tokko ta'ee,haala odeeffannoo keeyyata tokko keessatti dhiyaatuu kan ilaallatu dha.Odeeffannoon keeyyata keessatti dhiyaatu garamii qaba.Kun ammo,bakkaan,yeroodhaan,faayidaafi wkf ta'uu danda'a.Keeyyanni tokko garamii bakkaa bu'ureffachuun bitaadhaa gara mirgaatti akkasumas irraa gara jalaatti ibsuun dhiyeessuu danda'a.Garamii yeroo hordofuun keeyyanni barreeffamu tokko ammo waan dura ta'e tokkorraa eegaluun gara isa boodaatti ibsaa deemuu danda'a.Keeyyanni tartiiba faayidaa bu'uureffachuun barreeffamu tokkos isa faayidaa guddaa qabu tokko dura fiduun gara isa faayidaan isaa muraasa ta'eetti ibsaa adeema. Gabaabumatti,ergaa keeyyata tokkoo haalaan hubachuufi dubbistoota hawachuuf tartiiba waanta dhiyaatanii eeguun barreessuun barbaachisaadha jedha.

Kanaafuu barreessaan tokko barreessaa gaarii jedhamuuf, ergaa barbaade haalaan dubbistoota isaa biraan gahuufi dubbistoota isaa hawachuuf, ulaagaa barruun gaariin tokko qabaachuu qabu beekuun barbaachiisaa dha.

2.5.Dandeettii Barreessuu Cimsachuu

SNamoonnii baay'een dandeettii barreessuutiif ilaalcha gaarii hin qaban.Waan jibbaan ilaalaniif itti seenanii hin barreessan.Namoota muraasa qofaatu barreessuu yaala.Haata'uyyuu malee, namni fedhiifi dandeettii barreessuu guddifachuuf fedha qabu kamiyyuu waan sammuu keessaa qabu waraqaarraa kaa'uu ni danda'a.Garuu namni yaada gaarii hin taanee barreessuurratti qabu

dandeettii isaa cimsachuuf dhiibbaa waan irratti qabuuf,barreessuu keenyyaan dura barreessuuf yaada gaarii qabaachuun barbaachisaa dha.

Elbaw.p(2000:39)Dandeettii barreessuu cimsachuu ilaalchisee yaada yeroo kennu,Shaakallii barreessuu dubbisaa biroof osoo hin taane,ofii keenyaaf kan goonu, isa dubbisaa birootiif goonu caalaa dandeettii barreessuu nuuf fooyyessa.Sababiin isaas dandeettii barreessuu cimsachuuf isa dareetti barreessinu caalaa barreessuu qabna.Gama birootiin immoo yeroo barreessinu yaada barreessinu irratti xiyyeeffachuu qabna.Barsiisaa barreessina taanaan garuu haala barreeffamichi itti madaalamu yaadaa barreessuu qabna.

Yaada armaan olii kana cimsuun Byrne(1988:40) yeroo ibsu shaakalli barreessuu irratti barataaf kennamu kan isaan gammachisuu fi kan barreessuuf isaan kakaasu, dandeettii isaanii waliin kan deemuu fi yaada irratti burqisiisuu kan dada'anii fi addunyaa dhugaa jireenya isaanii keessaatti qabatamaan isaan mudatu ta'uu qaba jedha.

Raimes(1993:104-105) akka ibsitutti,barreeffamni gareen kan barattooni hojii barreessuu irratti garee xixiqqoo waliin hojjechuun barreessan barbaachisummaa qaba. Sababiin isaas gulantaa barreessuu kamiyyu keessaatti mariin garee adeemsa barreessuutiif karaa barbaachisaa ta'een gumaacha godha.Mata duree tokko irratti gareen mari'achuun yaada hedduuu maddisiisa.Barattoota garee kana keessaas yaada bu'a qabeessaa fi kan siirrii qindeeffamaa fi yaada siirrii ta'e tartiiba eegsisuu kan danda'an akka barreessaatti yeroo hojjetan,barattooni hafan immoo caasaa himaa, filannoo jechootaa fi mala wal qabsiisaa yaada gaarii ta'ee irratti yaada kennu.Barruu garee kanaa yeroo barreessaa jiranitti muuxannoo akka walirraa argatanii fi barsiisaan haala salphaan akka to'atee qajeelchuuf fayyada.

Zemel(1983:146) dandeettii barreessuu cimsachuu ilaalchisee yaada yeroo kennu Barreeffama garaa garaa dubbisuun, dandeettii barreessuu cimsachuu irratti shaakala barreessuu garaa garaa taasisuu irraa adda bahee kan ilaamu miti jedha.Yaada kanatti dabaluu Gray.F.(1987) yeroo ibsu barsiisaan erga maalummaa fi caasaa keeyyataa barsiisee booda barattooni garee uumanii akka shaakalan taasisuu qaba.Akkasumas shaakalsiisuu qofa osoo hin taane isa gareen shaakalan to'achuun karaarra busuu qaba jedha.

Kanaafuu dandeettii barreessuu cimsachuuf shaakalli akka barbaachisu,hojii shaakalaa barsiisaan nuuf kennu cinatti dhuunfaanis ta'e gareen waan ibsachuu barbaannu barreessinee yaaluu

qabna.Gamaa biraatiin barsiisaan immoo barattoonni gareen akka shaakalan gochuu fi shaakala keessa dogoggora barattoonni uumaan sirreessuu qaba.Kana malees shaakalli barsiisaan kennu dandeettii barattootaa waliin kan deemuu fi fedhii barattootaa kan kakaasu(gilgaallicha itti gammadaa kan hojjetan) kan taasisu ta'uu qaba.

2.6.Wantoota Dandeettiin Barreessuu Akka Hulfaatu Taasisan

Dandeettiiwwan Afaanii jiran keessaa ogummaan dandeettii barreessuu isa baay'ee rakkisaa fi wal xaxaa ta'e dha.Kunis barattoota afaan lammaffaaf qofa osoo hin taane, barattoota afaan ittiin hiikataniifis ogummaa hulfaataa dha.Kana ilaalchisees,

Byrne(1988:4) yeroo ibsut: *"We can now begin to understand why writing is difficult Activity for most people both in the mother tongue and In a foreign language.We should look at the problems which are called by writing under three headings:Psychological, linguistic and cognitive at though these inevitable."*

Yaduma kana kan deeggaru Nunan(1992) barreessuun dandeettiiwwan biroo waliin yeroo wal bira qabamu,afaan dhaloowanis ta'ee,afaan lammaan kan hundumaa caalaa hulfaatu akka ta'e ibsiti.

Yaada armaan olii kanarraa waanti nuti hubannu afaan tokkooffaas ta'e afaan lammaffaan barreessuun kan hulfaatu ta'uu isaa ti.Sababoota barreessuun akka hulfaatu taasisan keessaa isaan ijoon:rakkoo xiinsammuu,rakkoo xiinqooqaa fi rakkoo hubannoo yookiin dandeettiiti.

2.6.1. Rakkoo Xiinsammuu

Rakkoolee gama xiinsammuu dandeettii barreessuu hulfaato taasisan,Byrne(1988) dubbii afaaniin walbira qabee yeroo ibsiti,walqunnamtiin dubbii afaaniin ta'u uumamaan kan yeroo hedduu itti gargaaramnu dha.Yeroo dubbii afaanii dubbataafi dhaggeeffataan qaamaan wal biratti argamuun yaad-deebii waliif kennuun wal sirreessuun ni danda'ama.Barreessuun garuu gocha qofaa teenyee xiyyeeffannoo itti kennuun hojjetamu dha.Kanaafuu yeroo barreessuu yaad-deebii nama biraa hin eeggatamu.Kunumti ogummaa dandeettii barreessuu kanneen hulfaa taasisan keessaa isa tokko dha.Kanaafuu rakkoo xiinsammuu barattootaa furuuf barattoonni gochaalee waliin isaan hojjechiisuu danda'anitti yaada akka waliif qoodan eerti.Kanaafuu barreeaan tokko dubbisaa isaa xiyyeeffannoo keessa galchee barreessuu qaba.

2.6.2. Rakkoo Xiinqooqaa

Rakkoo xiinqooqaa ilaalchisee,Byrne(1988:4),Haala walii galtee dubbii afaanii keessatti dhaggeeffataafi dubbataan fuulaa fuulatti wal argu.Kanaafuu hirmaattonni kun adeemsa wal qunnamtii irratti gumaacha waliif gumaachu.Dubbataan yoo dogoggore illee dhaggeeffatoota isaa ilaalee haala dubbisaa sirreeffata.Kanas haala dhaggeeffattooni mul'san irraa ka'ee,sagaleesaa olkaasuun,gadbuusuun,irra deebi'uufi kan kana fakkataniin gargaaramee,ergaa isaa sirriitti dabarfata.Barreessuu keessatti garuu,amaloota kana gargaaramuun hin danda'amu.

Kanaafuu hala amaloota dubbii bakka bu'aniin dogoggora hutuu hin uumiin erga keenya dabarfachuu akka qabnu nu agarsiisa.Kunis barreessaan kallattiin dubbisaa isaa waan hin arganneef barreeffama isaa keessatti qubee sirrii ta'e,jechoota barbaachisoo,himoota qindaa'aniifi ifa ta'anitti gargaaramuun irraa eegama.

Akkasumas,sirna tuqaalee adda addaa bakka barbaachisaa isaatti gargaaramuun, haala walta'iinsa qabuun qindeessee kaa'uun barreessaarraa eegama.Kun immoo hojii yeroofi yaada bal'aa kan barbaadu dha.

2.6.3. Rakkoo Beekumsa Qabiyyee(hubannoo)

Dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa barreessuun kan baay'inaan namni hin fayyadamne dha. Kana jechuun dhalli namaa jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti akka dandeettii dubbachuu dandeettii barreessuu kan itti fayyadamu miti jechuu dha.Sababiin isaas haalli jiruu fi jireenyi dhala namaa guyyaa guyyaatti kan wal qabatu dandeettii dubbachuu waliin waan ta'eef dha.

Kanaafuu barreessuu jechuun immoo qalamaa fi waraqaa wal simsiisuun yaada ofii ibsachuu dha.Yoo waan tokko barreessuuf fedha qabaanneyyu akka barbaannetti yaadni waanta barreessuuf kaanee nujalaa baduu yookiin nuuf dhufuu dhiisuu danda'a.Yaada armaan olii kana Elbow(2000) yommuu ibsu hulfaatina dandeettii barreessuuf ka'umsi isaa nama bira jira.jedha.Kanaafuu barruu garii qopheessuun dandeettii fi muuxannoo namootaa barbaada.Kun immoo yeroo dheeraa waan fudhatuuf obsa gaafata jechuu dha.Dabalataanis ilaalchi nuti dandeettii barreessuuf qabnu murteessaa dha.Kana jechuun namni tokko ogummaa barreessuuf yaada qajeelaa osoo hin qabatiin yookiin dandeettiin barreessuu ogummaa akka ta'etti namni hin hubatiin tokko barreeffama gaarii qopheessuu hin danda'u. kanaafuu karaa kallattiinis ta'e al

kallattiin tilmaamni nuti barreessuuf qabnu tokko barreeffama gaarii qopheessuuf dhiibbaa qaba. Kana malees dandeettiin barreessuu kan baratamu itti yaadamee mana barnootaa keessatti. Kanaafuu namni barruu qopheessuu fedhu tokko waan barate hojiitti hiikutuu irraa eegama.

Kanatti dabaluun ,Nunan(1991) barreessuu wantoota hulfaataa taasisan keessaa tokko namoonni baay'een qulqullina barreeffama isaaniif waan dhiphataniif. Kun immoo filannoo jechootaa, gumee qopheessuu fi wal qabatiinsa yaada keeyyataa fi himootaa malee qulqullina barreeffamaarratti xiyyeeffachuun qofti barreeffama keenya barruu gaarii kan hin jechisiifne ta'uu isaati.

Walumaa galatti barreessuun gocha hulfaataa ta'ee gabbifachuuf, rakkoo xiinsammuu, xiinqooqaa fi beekumsa qabiyyee waanta barreeffamuu, jechoota barbaachisoo bakka barbaachisaatti galchuun barreessaa tokkorraa kan eegamu dha. Dandeettiin kun kan gabbifachuun danda'amus barataan sadarkaalee barnootaa keessa darbu hundatti gilgaalota dandeettii barreessuu cimsuu danda'anitti yoo ni gargaarama ta'e dha. Beekan, (2015:181)

2.7. Sadarkaaleefi Tooftaalee Adeemsa Barreessuu

Barsiisaan sadarkaalee adeemsa barreessuu yeroo barsiisu sadarkaalee barreessuu salphaarraa gara cimaatti shaakalsiisaa deemuun barbaachisaa dha. Kana malees barreessaan tokko barreessuun dura irra deebi'uun yaaduu, mata duree filachuu, qindeessuu, barreeffama barreessuu fi fooyyessuu qaba. (Raggaasaa, 2009:16). Yaaduma kana deeggaruun Beekan, (2015:142-143)

Adeemsa barreessuu keessatti barreessaan cimaan tokko barreeffamaan milkaa'uuf sadarkaalee adda addaa keessa darbuu qaba. Sadarkaaleen kunneenis, irra deebi'uun itti yaadu, mata duree filachuu, qindeessuu gurmeessuu/barreeffama jalqabaa barreessuufi fooyyessuu jedhamuun yommuu sadarkeeffaman; karaa biraatiin immoo dursa barreeffamaa (pre-writng), wixineessuu (drafting),

gulaaluu (editing) fi maxxansiisu jedhamu. Haata'u garuu, sadarkaaleen kun karaa adda addaatiin haa sadarkeeffaman malee barreessaan tokko akkaataa isaaf tolutti

sadarkaalee kanneen keessa darbuudhaan barreeffamasaa galma geessisuu danda’
jedha.

Kanarraa waanti hubatamuu danda’amus barreessuun adeemsa keessa darbuu qabu qabaachuu isaati. Kanaafuu barreessuu keenyaan dura barreeffamni tokko addeemsa inni keessa darbuu qabu beekuu qabna. Sadarkaaleen yookiin adamsi barreessuu isaan ijoo fi beekamoon kunneenis: Barreessuu duraa, Yeroo barreessuu fi Barreessuu boodaa jedhamu.

2.7.1. Barreessuu Duraa

Sadarkaan kun sadarkaa yaadaati. Kana keessatti hojiin hojjetamuu qabu, mata duree filachuu, maaliif akka barreessinuu fi eenyyuuf akka barreessinufi bakka itti xiinxallu dha. Kana malees sadarkaan kun odeeffannoo gadi fageenyaan kan walitti qabannuu fi bakka waraqaan itti qophaa’u dha. Glencone (2001:46)

Dabalataanis kutaan barreessuun duraa mata duree irratti barreessuuf yaadne irraatti osoo barreessuu hin eegaliin kan odeeffannoo itti funaannannuu fi karoorsinu dha. Ragaan walitti qabannees, mata duree keenya waliin deemuu yookiin wal simuu fi wal simuu dhiisuu isaa kan itti mirkaneeffannu dha.

Yaada kana ilaalchisee, Donough and Shaw (1993:181) yeroo ibsan adeemsa barreessuu keessatti namni tokko jalqaba yaada isaa barreessa; itti aanssuun immoo kan sirrii hin taane haquun duraa duuba eegge kaa’a. jedhu. Barreessaan tokko adeemsa barreessuu isa jalqabaa keessatti yaada isaa barreessuu yaala. Itti aansee duraa duuba isaa eeguun kan sirrii ta’e filachuun isa sirrii hin taane haqa. (F.187)

Walumaa galatti adeemsa barreessu duraa keessatti kan nuti meeshaalee barruu keenyaaf nugargaaran walitti qabannuu fi odeeffannoo yaada walitti qabannees qindoominaa fi tartiiba isaanii eegnee bakka itti tartiiba galchinees itti keeyannu dha.

2.7.2. Yeroo Barreessuu

Adeemsa yeroo barreessuu keessatti barattooni yaada karoora keessatti wal duraa duubaan qindeessanii kaa'an waraqaa irratti yeroo itti barreessani dha. Barreessuu ilaalchisee Siisay(2008:16 qorannoo isaa keessatti) "Yeroo barreessuu jechuun bakka itti barattooni waan hubatan tokko haala gaarii ta'een barreessuuf itti yaadani dha" jedha. Hayyuun Richards (1990:190) yaada armaan olii kana yeroo cimsu, yeroon barreessu bakka itti yaada jalqabaa waraqarra keenyu dha. Sadarkaa kanatti barattooni rakkoo qubeessuu, sirna tuqaalee, qub guddeessa, filannoo jechootaa fi seer-luugaa mudatan furuuf baay'ee dhiphaachuu hin qaban. Sadarkaa kanatti ta'uu kan qabu barattooni yaada sammuu isaanii keessa jiru waraqarra ka'uu dha malee rakkoo seer-luugaa furuuf dhiphachuu hin qaban.

Yaaduma armaan olii kana kan deeggaru (1992), McDonough & Shaw(1993) yeroo barreessuu jechuun yaadolee mata duree waliin wal qabatan erga qindeeffamanii booda, yaadoleen kun immoo himootaa fi keeyyatan waraqarra kan ittiin kaayamani dha. Yaada kanarraa waanti hubachuun danda'amu adeemsa yeroo barreessuu keessatti barattooni yaada gumeen qindeessan walitti fiduun himaa fi keeyyatatti ol guddisuun barreeffama guutuu ta'e barreessuu. Kana keessatti yaada dagatanii bira darban yoo qabaatan illee barreeffama isaanitti dabaluu barreessuu danda'u.

2.7.3. Barreessuu Boodaa

Hojiin barreessuu boodaa, adeemsa barreessuu keessatti madaaluu fi irra deebi'anii fooyyeessuu of keessatti qabata. Akka hayyuun Gray.F.(1987:423) ibsutti Adeemsa barreessuu keessatti keessa deebi'uun murteessaa dha. Yeroo keessa deebii carraa hojii kee sirriitti xiinxaluu fi yaada keetti hiika itti laattu dha jedha.

Yaada kana kan deeggaruun, Keh(1990) barreeffama tokko keessa deebi'anii fooyyeessuun wantonni inni of keessatti qabatu; yaadni hin barbaachifne barreeffama keessa yoo jiraate keessaa haquu, baay'ee murteessaa ta'ee keessaa kan hafe yoo jiraate immoo itti dabaluu fi yaada tokko bakka birootti haqanii yookiin kutanii bakka birootti galchuu dha.

Hedge(1998) barreessuu boodaa yeroo ibsu “*Real revising means taking afresh took at what you have written and asking your self such basic questions as what I am trying to say here? Have I said what to say? Is my writing clear? etc.*,” jedha.

Yada hayyootaa armaan olii irraa wanti hubatamu, bareessaan barruu tokkoo barreeffama isaa irra deebi’ee dubbisuun, barreeffamicha fooyyeessuun barbaachisaa tu’uu isaati.

2.8.Rakkoolee Barreessuu keessatti Nama Mudatan

Namni yeroo hojii tokko hojjechuuf ka’u haaxiqqatus,haaguddatus malee rakkoon isa yookiin ishee mudachuu isaa hin hafu.Kanaafuu barattoonnis barruu tokko barreessuuf yoo eegalan barreeffama isaanii keessatti rakkoon yookiin hanqinni argamuu ni mala.Rakkoon kunis kan mudatu barattoota afaan lammaffaa baratan qofa osoo hin ta’iin barattoota afaan sun afaan tokkoffaa isaanii ta’es ni mudata.Sababiin isaa immoo ogummaan dandeettii barreessuu argachuun kan danda’amu mana barumsaa seenanii barachuu qofa waan ta’eef.Yaada kanaan kan deeggaru,Hedge(1988:5) “*...possibly for the same reason,large number of adult native speakers of the language never achieve a high level of expressiveness in wriring in their first language.*”

Kanaafuu rakkoolee barruu keessatti barattoota mudatan gama afaan lammafaan osoo hin taa’e afaan tokkoffaa keessatis kan nama mudatani dha.

2.8.1. Rakkoo Qubee Sirreessuu

Kana malees qubee sirreessuun sababoota lamaaf bu’a qabeessa ta’a.Tokkooffaan barreeffama dogoggora qubee qabu sirreessu irraan kan ka’e hiikni hima sanaa guutummaatti jijjiiramauu ni danda’a.Lammaffaan immoo barreeffama dogoggora qubee qabu dubbisuun hulfaataa waan ta’eef, salphaa taasisa.

Gray.F(1987:694) qubee sirreessuu ilaachise,jechoota adda baasuun barachuu fi yaadannoo qabachuu,yaadannoo qabatan irraa deebi’anii ilaaluu dandeettii qubeessuu ni fooyyessa.Kana malees malli dandeettii qubeessuu ittiin cimsatan keessaa tokko waata barreessine tokko fooyyessuun dubbisuu dha.Yaaduma armaan olii kana cimsuun Glncoe(2001:828) yeroo ibsu malli filatamaan dandeettii qubeessuu cimsan dubbisaa fedha qabeessa ta’uu dha.Yeroo jecha baay’ee argitu sadarkaan yaadachuukees dabalaa deema.Kana malees qubee sirreessuun kan baratamu,seera qubeessuu barachuun,akkaataa itti qubeeffamu xiyyeeffannoo itti kennuun

jechoota haaraa barreessuu fi kuusaa jechootaan wal bira qabuun ilaalu dha jedha. Kanaafuu, barreeffama dogoggora qubeessuu qabu dubbisuu fi ergaa isaa hubachuun kan namatti hulfaatu dha. Kana malees dogoggorri hiika yookoon ergaa barruu tokkoo ni jijjira. Sababa kanaaf barreeffa dogoggora hin qabne barreessuuf barruu adda addaa dubbisuu fi kuusaa jechootaa adda addaa dubbisuu gaarii dha.

Walumaa galatti wal qunnamtii barreeffamaan taasifamu tokkoof sirriitti qubeessuun iddoo guddaa kan qabu yoo ta'u, dogoggorri uumamus ergaa karaatti hambisuurrayyu darbee, barreessaa kan qeeqsisu ta'uu isaati. Kanaafuu wal qunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti qubee sirriitti eegnee, seera barreeffama afaanichaa eegnee barreessuu qabna.

2.8.2. Rakkoo Sirna Tuqaaleetti Haalaan Fayyadamuu Dhabuu

Tuqaaleen mallattoowwan barreeffama keessatti iddoo ol aanaa qabani dha. Yoomiifi eessatti akka tuqaaleetti fayyadamnurratti beekumsa qabnu ergaa barreeffamaa dabarsuu barbaannerratti dhiibbaa guddaa geessisa. kan jechuun haalaan dhimma itti bahuun dhiibbaa eeyyentaa kan geessisuufi ergicha hubachuu akka saffisiisu, haalaan itti fayyadamuu dadhabnaa garuu dhiibbaa hi'eentaa qabuufi ergaa dabarsuu feenus maqsuu danda'a. (Addunyaa, 2014:134)

Wasanee, (2001:210) sirna tuqaalee yeroo ibsu "jecha tokko kan boqotuun yookiin himni tokko yoo ijaaramu kan itti fayyadamnu mallattoolee adda addaati." Yaaduma kantti dabaluu Gray (1987:335) sirna tuqaalee yeroo ibsu: Konkolaachisaan rakkoo cimaa akka tasaa Konkolaataa mudatu ittisuuf, ajaja mallattoolee tiraafikaa daandii konkolaatarra jiru fudhachuu qaba. Mallattooleen kunis bakka konkolaachisaan itti dhaabbachuu qabu, irraan gadee fi bakka suuta konkolaachisuu qabu akkuma itti agarsiisan; tokko tokkoon tuqaalees barreeffama keessatti dubbistoonni itti fufaanii akka dubbisanii fi bakka dhaabbachuu qabanitti akka dhaabbatan taasisa.

Yaada hayyotaa armaan olii irraa waanti hubachuun danda'amu barreeffama keessatti mallattooleeniifi sirni tuqaalee akkataa barreeffamni tokko itti dubbifamu, eessatti sagaleen akka ol ka'uufi gadi bu'u, yaanni biraan itti aanee dhufu jiraachuufi eessatti akka dhaabbatu kan nama hubachiisani dha. Kanaafuu barreeffamni tokko sirna tuqaalee malee ergaa isaa hubachuun hin danda'amu. Kun akka hin taaneef immoo sirna tuqaalee barbaachsan bakka barbaachisa isaatti fayyadamuun nurraa eegama.

2.8.3. Rakkoo Qubeessuu Dhabuu

Qubeessuu dhabuun wantoota barreeffama tokkoof barbaachisan keessaa hambisuu yookiin kanneen hin barbaachifne itti dabaluu dha. Rakkoo qubeessuu kan qaqqabsiisan fakkeenyyaf, qubee hambisuu, itti dabaluu, bakka wal jijjiirruu, qub-guddeessa bakka hin barbaachifnetti galchuu ykn bakka barbaachisutti galchuu dhiisuu, tuqaalee barbaachisaan bakka barbaachisaa isaatti galchuu dhiisuufi bakka hin barbaachifnetti galchuu fa'a. Barreeffamni rakkoo akkasii qabu immoo ergaa barbaachisaa ta'e qixa barbaadameen dabarsuu hindanda'u.

Yaada armaan olii kanatti dabaluu Wasanee, (2001:210) "qubeessuu sadarkaa qubeessuutti yoo ilaalle, haalaaf sirna qubee ittiin barreessinu ni hubanna sirni kun eegala barruu irraa kaasee qubee ittii fayyadamnu maal akka ta'uu qabu nubarsiisa." jedha Yaaduma kana deeggaruun Beekan, (2015:167-168) Yeroo ibsu,

Qubeessii gaarii ta'e bekumsa adda addaa gonfachuuf akkuma gargaaru miidhaan qubeessuu sirrii hin taanerraa maddus beekumsaafi bu'aa dandeettii bubeessuurraa argamu ni gufachiisa. Dogoggoraan qubeessuun faallaa faayidaa sirriitti qubeessuu kan qaqqabsiisu yeroo ta'u, dabalataanis; walqunnamtii barreeffamaan taasifamu rakkoo keessa galcha, dubbisaan yeroo dubbisu akka burjaaja'u yookaan jeeqamuufi odeeffannoo dogoggoraa akka qabaatu ni taasisa, barreessaan/dubbisaan waanta barreesse/dubbisetti akka qaana'u taasisuun cinatti akka namni barruu Oromoo hin dubbisnetti danqaa ta'a. Dugoggoraan qubeessuun amaleeffannaa wal-qunnamtii gaarii diiguu hordofsiisa. Kana jechuun kan dogoggoraan qubeessuu, jireenya hawaasummaafi ogummaasaa keessatti miidhamaa dha; nituffatamas. Bakka barnootaasaafi isaa

alattis rakkoof of saaxila. Barreesitootas beekumsaafi ofitti amanamummaa qubeessitootaa qorumsa keessa galchuun wal-qunnamtiisaan barreeffamaan taasisan bakkaa dhabamsiisa. Dogoggorri qubeessuu nama hin baranneen wal- nama fakkeessa jedha.

Yaaduma kanaan kan deeggaruun, (www longman.com:256) "*Although incorrect spelling does not ofte prevent the understanging of awritter message, it can adversely affect the reader's judgement. All too often bad spelling is perceived as alack of care.*"

Walumaa galatti yaadni hayyootaa armaan olii kun kan nama hubachhiisu,rakkoon sirnaan qubeessuu dadhabuu ergaa barbaadame haalaan dabarsuu dadhabuun cinatti barreessa kan tuffachiisu dha.Kanaafuu ergaan barbaadame akka barbaadametti dubbisaa keenya biraan geessisuuf haalaan itti yaadanii qubeessuun barbaachisaa dha.

2.9. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorataan kun qorannoo kana yeroo gaggeessu qorannoowwan kanaan dura hojjetaman kan qorannoo inni gaggeesse waliin walitti dhiheenya qaban sakatta'eera. Haaluma kanaan mata duree qorannoo isaa waliin walitti dhufeenya kallattiidhaan kan qabu argachuu baatullee,qorannoolee kanaan dura hojjetamanii mata duree qorannoo isaa waliin walitti dhiheenya qaban argateera.

Qorannoon inni duraa bara 2016/2008/ Sisaay mata duree “Xiinxala Wantoota Daddeettii Barreessuu Barattootaa Afaan Oromoo Irratti Dhiibbaa Geessissan”

Jedhu irratti mana barumsaa kan mootummaa lamaa fi mana baruumsa dhuunfaa sadi irratti magaalaa Shaashamanneetti kan hojjatameedha. Kaayyoon qorannoo Sisaay rakkoowwan bu'uuraa keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu irratti barattoota kutaa 11^{ffaa} mudatan adda baasuudha.Bu'aan qorannicharraa argames barsiisonni dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf tattaaffii isaan godhan gad- aanaa akka ta'e dha.

Qorannoon amma gaggeeffame garuu ,Sakatta'a Dandeettii Barreessuu Barattootaa Kollijjii Barsiisotaa Jimmaa Waggaa 3^{ffaa} kan jedhu ta'ee, Muummee Afaan Oromootiin bara 2012 barachaa kanneen turan.Qorannoon kunis kan sisay waliin dandeettii barreessuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaatiin walitti dhiheenya qaba.

Qorannoo kanaan kan walitti dhiheenya qabu inni lammaaffaan bara 2009tti Raggaasaan kan gaggeeffame yommuu ta'u,mata dureen qorannichaas: “Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barattootaa Kutaa 7^{ffaa}” irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u,qorannichi godina Baaleetti barattootaa mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa marsaa lammaffaa,kutaa torbaffaa magalaa Gasaraa irratti kan xiyyeeffate dha.Bu'aan qorannicharraa argames barattoonni dandeettii barreessuutiin hanqina qabaachuu, akka barattoonni dandeetti barreessuu shaakalaniif deeggersiifi hordoffiin gama barsiisatiin godhamuuf baay'ee laafaa ta'uu dha.

Qorannoon gaggeeffame kun kan Raggaasaa waliin wantoonni inni ittiin adda ta’u keessaa:

- Qorannoo sakatta’a dandeettii barreessuu barattoota kanneen mana barumsaa sadarkaa lammafaa xumuranii Kollejii baratan irratti kan gaggeeffame ta’uun
- Godina qorannoon itti gaggeeffame kan wal hin fakkanee ta’uu fi barattoota barnoota isaanii erga xumuranii booda barsiisota Afaan Oromoo ta’uuf jiran irratti kan gaggeeffame ta’uun
- Barsiisonni barattoota kana barsiisan Muuxannoo fi sadarkaa barnootaan barsiisota sadarkaa tokkoffaa kan caalaan ta’uun garaa garummaa qorannoo kanneen gidduu jiranii yommuu ta’u, dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffachuun immoo qorannoolee kana kan wal fakkeessu dha. Qorannoo kanaan kan wal fakkaatu inni sadaaffaan, Taaddalechiin bara 2009tti Mata duree “Xiinxala gahumsa Ogummaa Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo Barachuu Kutaa Tokkoffaatti eegalanii fi Kutaa Shanaffaattii eegalan” kan jedhu yommuu ta’u, innis Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Qimbibitti Mana Barumsaa Sadarkaa Lammafaa Shanootti kan gaggeeffame dha. Xiyyeeffannoon qorannoo Taaddalech, barattoota Afaan Oromoon Afaan hiikkatanii, kutaa tokkoffaatti ittiin barachuu eegalanii fi kanneen Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kutaa 5^{ffaa}tti ittiin barnoota eegalan, kutaa 9^{ffaa}tti immoo lammaan isaanii walitti dhufanii yeroo waliin baratan dandeettii barreessuu isaanii xiinxaluu dha.

Bu’aan qorannicharraa argames barattoonni Afaan Oromoon Afaan hiikkatanii fi kutaa tokkoffaatti barachuu eegalan kanneen Afaan Oromoo akka afaan 2^{ffaa}tti kutaa 5^{ffaa}tti ittiin barnoota eegalan caalaa dandeettii barreessuutiin fooyya’oo akka ta’an ibsa.

Qorannoo Taaddalech fi qorannoo gaggeeffame wantoonni adda godhan:

- Bakka fi yeroo qorannoon itti gaggeeffamen
- Sadarkaa barnootaa barattoota qorannoon irratti gaggeeffameen
- Baroottota Afaan Oromoo akka Afaan lammatti baratani fi akka Afaan tokkoffaatti barataa jiran wal bira qabuun qorannoo gaggeeffamee fi Barattoota dhaabbilee ol aanaa muummee Afaan Oromoo barataan irratti qorannoo gaggeeffame ta’uun yommuu ta’uu, dandeettii barreessuu barattoota irratti xiyyeeffachuun immoo kan qorannoo kan wal fakkeessanidha.

Qorannoo kanaan walitti dhufeenya kan qabu inni arfaffaan bara 2009 tti Masaratiin kan gaggeeffame yemmuu ta’u, mata dureen qorannichaas “Hanqina Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Irratti Barattoonni akka Afaan lammaffaatti baratan qaban” kan jedhu yoo ta’u,

Qorannichis Bulchiinsa magaalaa Jimmaatti mana babumsaa sadarkaa lammaffaa Abbaa Bunaa fi Saxoo Samaroo irratti kan gaggeeffame dha. Xiyyeeffannoon qorannoo Masarat dogoggora barattoonni Afaan Oromoo akka Afaan lammaffaatti baratan barreeffama isaanii keessatti qaban adda baasuu yoo ta'u, bu'aan qorannoo qorataa kanaarraa argames; dandeettii barreessuu barattootaa keessatti dogoggora qubguddeessa, jecha jabaa ta'e jabeessuu dhiisuu, isa dheerachuu qabu gabaabsuu, isa gabaabbatu dheeressuu, walqabsiiftota fayyadamuu dhiisuu, sirna tuqaalee seeraan fayyadamuu dhiisuu, wal qabatiinsi yaadaa ciccitaa ta'uu fi jecha afaan dhalootaa fayyadamuun akka jiru dha.

Qorannoon gaggeeffame kunii fi kan Masarat wantoonni inni ittiin adda bahu keessaa:

- Barattoota dhaabbilee ol aanaa baratan irratti qorannoo gaggeeffame ta'uun
- Barattoota godina adda addaa irraa dhufan irratti qorannoo gaggeeffame ta'uun
- Barattoota baatii muraasa booda barsiisota Afaan Oromoo ta'uuf jiran irratti qorannoo gaggeeffame ta'uun yoo ta'u, qorannoon kun kan gaggeeffame Godina Jimmaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa keessa ta'uu fi dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffachuun kanneen qorannoo kana wal fakkeessan dha.

Walumaa galatti qorataan kun qorannoo gaggessef qorannoowwaan adda addaa xiyyeeffanan kan dubbise ta'uu isaati.

2.10. Dayeessa Qorannichaa

Dayeessa qorannoo ilaalchisee Filee ,(2016:22)

Yaadni ijoo mata duree qorannoo tokko waliin walitti dhufeenya qabu filachuun kallattii qorannoo itti agarsiisuudhaaf, malleen qorannoo daran barbaachisoo ta'an filachuuf, yaada adda addaa wal bira qabani madaaluuf, qeequudhaaf, akkasumas sakatta'a barruu wal maddii, ka'umsa qorannoo fi kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan gahuu keessatti daran barbaachisaa dha.

Gama biroottiin qaaccessa yaadonni sadii kan jiran yommuu ta'an, isaanis: xiinxala wal dorgomsiisaa, qaaccessa dogoggoraafi qaaccessa dabarsaati. Qaaccessi wal dorgomsiisaa caasaa afaan lamaa wal dorgomsiisuun dogoggora ibsamu dha. Qaaccessi dabarsaa barataan afaan tokko afaan tokkoffaan wal bira qabuun dogoggora ibsuu dha. Qaaccessi dogoggoraa immoo barataan afaan akka afaan

lammaffaatti baratu sana keessatti dogoggorri uumame maal akka ta'eefi akkamitti akka furamu kan ilaallatu dha.

Qorannoon kunis gosoota qaaccessaa sadan armaan olitti dhiyaatan keessaa dayeessa xiinxala dogoggoraa irratti kan bu'uureffate dha. Sababiin isaas qorannoon kun barreeffama barattootaa sakatta'uun qaaccessuu irratti waan bu'ureffatuuf.

BOQONNAA SADI :SAXAXA FI MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo,qorannoon tokko haala ittiin gaggeeffamefi maal irratti akka bu'uureffate kan ibsudha. Haaluma kanaan qorannoon kunis gosa qorannoo jiran keessaa qorannoo makaatti kan dhimma ba'e dha.Qorannoon makaan ammo,akaakuuwwan qorannoo kanneen lamaan bu'uureffachuun jechaafi lakkoofsaan ibsa.Qorannoo makaa ilaalchisee Denscombe(2007:108) *"Mixed research is the one that use both qualitative methods,"* jedha.Qorataan qorannoo isaa kan gaggeesse malleen akkamtaafi ammamtaa walitti fiduun dha.

Sababiin isaas kaayyoon qorannichaa sakatta'a dandeettii barreessuu Afaan Oromoo barattoota Kollejji Barsiisotaa Jimmaa waggaa 3^{ffaa} waan ta'eef, ragaan argame himootaan qindaa'ee ibsame. Qorannoon safarataa immoo ragaaleen lakkoofsaan safaramuu danda'an kanneen akka baay'na barattoota barruu sirrii barreessuu danda'anii dhiraafi dubaraan,baay'ina barattootaa barruu dogoggora qabu barreessanii dhiraafi dubaraan,barreeffama barattootaa keessatti baay'in dogoggora sirna tuqaalee,baay'ina dogoggora qub-guddeessaafi walqabsiiftotaa mul'atan gabatee baheen haala adda addaatiin ragaan ittiin qindaa'e. Ragaan Sakatta'a dandeettii barreessuu Afaan Oromoo irratti barattooni Kollejji Barsiisotaa Jimmaa waggaa 3^{ffaa} barattoota barruu barreessuu(qormaata keeyyata barreessuu)fi barruu barattootaa yookiin dabtara yaadannoo isaanii dubbisuun dabtara yaadannoo issanii keessatti hanqinni maalii akka jiru adda baasuu ragaan walitti qabame gosoota qorannoo makaatiin kan qaacceffamedha.

3.2.Irrawwatama Qorannichaa

Irrawwatamtoonni qorannichaa Barattoota bara 2012tti Kollejji Barsiisotaa Jimmaa keessatti Muummee Afaan Oromoo waggaa 3^{ffaa} baratani dha.

3.2.1. Mala Iddatteessuufi Iddattoo

3.2.1.1.Mala Iddatteessuu

Tooftaan iddatteessuu qorannoo kana keessatti qorataan itti dhimma ba'e,Iddateessuu sirnaawaa ti.Kunis akaakuu iddattoo carraa tasaa keessaa isa tokko ta'ee, akkataa carrichaa sirnaan taasisuutu adda taasisa.Gosti iddatteessuu kana akkaataa maqaan isaanii galmaa'ee jiru irratti hundaa'uun iddattoo qorannoo kanaa filate.Qorataan kunis iddatteessuu sirnaawaa irratti hundaa'uun barattoota Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan akkataa daree keessatti maqaan isaanii galmaa'ee jiruun kan filate dha.Kanaaf akkataa

galmee isaaniitti lakkoofsa 2,4,6,8,10,12...70 tti jechaa deemuun tokko tokkoo daree keessaa iddattoo filate.

3.2.1.2.Iddattoo

Iddattoon qorannoo kanaa barattootaa Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan kanneen qorannoo kanaaf mala carraa sirnaan filataman dha.Gama barsiisotaatiin baay'inni isaanii muraasa waan ta'aniif mala miti carraa ammargee fayyadamuun barsiisota Afaan Oromoo,barattoota kollejji waggaa 3^{ffaa} baratan barsiisan mara kallattiin akka hirmaatan gochuun qorannoo isaa gaggeesse.

3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoo kana keessatti meeshaaleen ragaa qorannoo kanaa walitti qabuuf qorataan itti gargaarame,bargaaffii barsiisotaa,barattoota barruu barreessisuu(qormaata keeyyata barreessuu), barruu barattootaa yookiin dabtara yaadannoo isaanii sakatta'uun dabtara yaadannoo issanii keessatti hanqinni maalii akka jiru adda baasuu ragaan walitti kan qabame dha.

3.3.1. Barattoota barruu barreessisuu

Meeshaa funaansa ragaa qorannoo kanaaf gargaaraan keessaa tokko barattoota barruu barreessisuudha.Kanaafuu qorataan dandeettii barreessuu barattootaa sakatta'uufi barattoota barruu barreessisuun qoreera.Kanas qorataan duraan dursee mata duree dandeettii barreessuu barattootaa gama hundaan madaaluu danda'u kana jechuun seera barreeffama, sirna tuqaalee,qub-guddeessa,walqabasiftuwaniifi kanneen biroon madaaluu danda'u filatee kan qopheeffate barattootaa odeeffannoo akka isaaf kennaniif qopheeffateef rabse.Kanatti aansuun barruu barattootaa walitti qabuun gosoota dogoggoraa barreeffama isaanii keessatti mul'ate adda baasuun yaadannoo isaa irratti garagalchachuun qaaccessesse.

3.4. Mala Qaaccessa Ragaa

Ragaa Qaaccessuun yaada odeeffanno kennitoota irraa bargaaffii barattootaafi barsiisotaa,barattoota barruu barreessisuunfi barruu barattootaa sakatta'uun funaaname tokko kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'anii yaada itti kennan,adeemsa kallatti argannootti nama geessuu fi adeemsa murtii tokkorraan nama geessisuu danda'u jechuu dha.Haluma kanaan malli qorataan ragaa yookiin odeeffannoo argate ittiin qaaccessesse fi hiike mala lakkoofsaa fi jechaan.

3.5. Adeemsa Funaansa Ragaaleefi Naamusa Qorannichaa

Adeemsiifi naamusa qorannoon ittiin funaaname galma ga'insa qorannichaaf ga'ee guddaa waan qabuufqorannoo kana keessatti of eeggannoon guddaan godhameera.Haala kanaan tokkoon

tokkoo meeshaalee funaansa ragaaleetiif adeemsi barbaachisan taasifamuun ragaan qaama barbaadame biraa akka argamu taasifameera. Adeemsa kana keessatti osoo ragaan hin sassabamiin qaama ragaa sana kennuuf barbaachisummaan ragaa barbaadamee ilaalchisee hubannoon kennameera. Xumura irratti erga ragaan sirnaan walitti qabamee xumuramee booda qaamoleen ragaa kennan galateeffamaniiru.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA ODEEFFANNOO

Kutaan kun odeeffannoo bargaaaffii, barattootaafi barsiisotaa, mata duree kennuun barattoota keeyyata barreessisuun dandeettii barreessuu isaanii madaaluuf dhiyaatefi sakatta'a barruulee barattootaa irraa argame qaaccessuu, xiinxaluufi ibsuu agarsiisa. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas: Dandeettiin bareessuu Barattootaa kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3^{ffaa} baratan dandeettiin barreessuu isaanii maal akka fakkaatu kan sakatta'e dha. Haaluma kanaan ragaan funaaname, akka walitti dhiyeenya yaadaafi ergaa isaanitti qaaceffamanii kallattii adda addaarraa walitti dhufuun ibsamaniiru.

4.1. Odeeffannoo Walii galaa Barattoota koollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaa Bara 2012tti baratani

Barattoonni Kollejji Barsiisotaa Jimmaatti Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaa baratani Walii galli isaanii Dhiira 28 ,dubara 42 ida'ama 70 kana keessaa kan qorataan akka iddattootti fudhate, dh=14(50%),dub=21(50%),Id=35(50%) yoommuu ta'an barattoonni qorannoo kana keessatti akka iddattootti hirmaatanis 50% dha.

4.2. Qaaccessa Ragaalee Bargaaaffii Barattootaa

Barattoonni Kollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan gilgaala Dandeettii Barreessuu xiyyeeffannoo itti kennuun hangam akka isaan hojjetan

Gabatee 2. Ragaalee Bargaaaffiin Barattootaa argamanii

Lakk.	Gaaffilee	Eeyyee		Lakkii		Walii gala	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
1	Gilgaalii dandeettii barreessuu cimsu yommuu isiniif kennamu xiyyeeffannoo itti kennun ni hojjettaa?	19	54	16	45	35	100

2	Waan barsiisaanke keetiin barreessitee dandeettii barreessuu keetii akka gabbifattuuf sitti hime barreessuun kee qabxiif osoo hin ta'iin dandeettii barreessuukee kan cimsu ta'uu isaa beektee ni hojjettaa? Gilgaala sana hojjechuukeemmoo barsiisaankee sihordofaa?	11	31.4	26	68.6	35	100
---	---	----	------	----	------	----	-----

Hub:Lakk. Jecha Lakkoofsa jedhutuu gabaabbatee barreeffame.

Baraattoota Koolleejjii Barsiisotaa Jimmaa keessatti Barattoonni Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan gilgaalli dandeettii barreessuu barattootaa cimsu yommuu kennamutti barattoonni 19(54%) kan ta'an nuffii malee xiyyeeffannoo itti kennanii yommuu hojjetan barattoonni 16(%45) kan ta'an xiyyeeffannoo kan itti hin kenninee ta'uu isaaniiti.Kana malees shaakalli dandeettii barreessuu cimsachuuf manneen barnootaa sadarkaa 2ffaafi isaa gaditti barattootaaf kennamaa ture ga'aa yookiin quubsaa akka hin taane hubachuun ni danda'ama.

Sababa xiyyeeffannoo itti hin kennineef yommuu gaafatamanitti ofirraa basuuf yookiin qabxiin kan itti kennamu yoo ta'e qabxii itti argachuuf barreessuu malee,dandeettii barreessuu gonfachuuf xiyyeeffannoo itti kennanii kan hin barressinee ta'uu dubbatu.Kana malees muraasni isaanii immoo waan barreessan irra deebi'anii waan hin gulalleef barreeffama isaanii keessatti dogoggorri akka hin dhibne dubbatu.

Gama biraatiin gaaffii waan barsiisaan kee dhuunfaa keetiin barreessitee dandeettii barreessuu keetii akka gabbifattuuf sitti hime barreessuun kee qabxiif osoo hin ta'iin dandeettii barreessuukee kan cimsu ta'uu isaa beektee ni hojjettaa? isa jedhuuf barattoota 35 keessa barattoonni 11(31.4)yommuu eeyyen yoo jedhan barattoonni 24(68.6%) ta'an immoo lakkii jedhan.Yaada kana irraa akka hubatamutti shaakalli dandeettii barreessuu barattootaaf kennamu irra caalatti kan hin dalagamne ta'uu isaati.Kun immoo daandeettii barreessuu gabbifachuu barattootaa duubatti kan harkisu dha.

Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, Barsiisonni Koolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Keessatti Muummee Afaan Oromoo barsiisan barattoota isaaniif shaakala dandeettii barreessu barattootaa cimsuu danda'u kan isaan kennan gahaa kan hin taane ta'uu isaati.Barsiisaan

barattoota isaaf shaakala dandeettii barreessuu adda addaa dhiyeessuun yoo hojjechiise dandeettiin barreessuu barattootaa fooyya'a ni deema.

Yaada kana kan cimsu (Raims,1938:24) Barreeffama tokko barattootatti kennanii seeraan akka garagalchan, raadiyoo yookiin marii adda addaa dhaggeeffatanii waan hubatan qindeessanii akka barreessan gochuufi shaakala garaagaraa tasisuun sadarkaa sadarkaan dandeettii barreessuu barattootaa akka fooyya'u gochuun ni danda'ama jedha.

Barattoonni Afaan Oromoo barreessuun isaan rakkisu sababa isaanii yammuu ibsan; waan barreeffame irratti duubdeebii argachuurratti hanqinni akka jiru ibsu.

4.3.Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Barsiisotaa

Barsiisonni Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Xiyyeeffannoo isaan Ogummaa dandeettii Barreessuu ittiin barsiisan

Gabatee:3Ragaa Bargaaffii Barsiisotaa

T. L.	Gaaffilee	Eeyyeen		Lakkii		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk	%
1.	Barattoonni Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaa baratan Afaan Oromoon yommuu barreessan dogoggora ni uumuu?	6	100	-	-	6	100
2.	Barattoonni kee dandeettii Afaan Oromoon barreessuu yommuu barsiiftu yookiin gilgaala yommuu kinnitu hojjechuu isaanii xiyyeeffannoo itti kennitee ni hordoftaa?	4	67	2	33	6	100
3.	Gilgaala dandeettii barreessuu barattootakeef kennite ilaaluun yeroo hunda duub-deebii ni lattaa?	1	17	5	83	6	100
4.	Kitaabileen yookiin moojuliin ittiin barsiiftaan gilgaala dandeettii barreessuu barattootaa cimsuu ga'aa ta'e of keessatti kan haammate dha?	-	-	6	100	6	100
5.	Barattoonni kee kitaabilee adda addaa dandeettii barreessuu isaanii cimsan mana kitaabatii akka dubbisan ni jajjabeessitaa?	2	33	4	67	6	100

6.	Qabiyyee “barreessuu”jedhu karoora barannoo gootanii barattoota barsiiftanii beektuu?	2	33	4	67	6	100
----	---	---	----	---	----	---	-----

Gabatee armaan olii kana irraa waanti hubatamu, gaaffii qorataan Barattoonni Muummee Afaan Oromoo waggaa 3ffaa baratan Afaan Oromoon yommuu barreessan dogoggora ni uumuu? jechuun barsiisotaaf dhiyeesse ilaalchisee barsiisonni Muummee Afaan Oromoo barsiisaan hundinuu lakkoofsaan 6(100%) kan ta’an eeyyeen jechuun deebii kennu. Kana irraa waaanti hubatamu barreeffama barattoota isaanii keessatti barsiisonni dogoggora argaa akka turan namatti hima.

Gaaffii barsiisotaaf dhiyaate keessaa inni 2ffaa qoraataan gaafate immoo, barattoonni kee dandeettii Afaan Oromoon barreessuu yommuu barsiiftu xiyyeeffannoo itti kennanii sihordofuu? Kan jedhu ture. Kanaafis barsiisonni lakkoofsaan 4(67%) ta’an eeyyeen yommuu jedhanitti barsiisonni lakkoofsaan 2(33%) ta’an immoo lakkii jedhu. Kunis kan nama hubachiisu barattoonni yommuu barsiisonni isaanii dandeettii Afaan Oromoon barreessuu gabbifachuu barsiisan barattoonni xiyyeeffannoon barsiisaa hordofan akkuma jiran kanneen xiyyeeffannoo itti hin kenninees jiraachuu isaaniiti.

Gaaffiin 3ffaa irratti qorataan barsiisotaaf dhiyeesse immoo; Gilgaala dandeettii barreessuu barattootakeef kennite ilaaluun yeroo hunda duub-deebii ni lattaa? Kan jedhu ture. Kanas barsiisaan 1 (17%) kan ta’u qofti eeyyeen jechuun yoo deebisu kan hafan barsiisonni 5(83%) kan ta’an immoo lakkii jechuun deebisaniiru. Kana irraas waanti hubachuun danda’amu, gilgaala dandeettii barreessuu cimsu barattoof kennuu malee irraa guddeessi barsiisotaa waan barattoonni isaanii barreessaniifi akkataa barattoonni itti barreessan ilaaluun duub deebii kan kennan lakkoofsaan baay’ee muraasa akka ta’ani dha. Barsiisaan barreeffama barattoota isaa ilaalu isa sirri barreesse cimsaa, isa dodoggora barreesse akka fooyyeffatu taasisaa yoo hin deemne gara fuula duraatti barattoonni barreeffama qulqulluu dogoggora irraa bilisa ta’e akka hin barreessineef karaa bana.

Gaaffii 4ffaan qorataan barsiisota gaafate immoo kitaabileen yookiin moojuliin ittiin barsiiftu kitaabilee dandeettii barreessuu barattootaa cimsan of keessaa qabuu? kan jedhu yommuu ta’u, barsiisonni muumee Afaan Oromoo barsiisan hundi lakkoofsaan 6(%100) lakkii jechuun deebisan. Kunis kan nama hubachiisu kitaabiin yookiin moojuuliin barsiisonni Koollejji

barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo itti barsiisaan dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf haalaan mijataa kan hin taane ta'uu hubatama. Kanaafuu dhimma kana mijjeessuuf Kollejjoonniifi qaamoleen dhimmi kun isaan ilaallatu hundi irratti hojjechuutuu irraa eegama.

Gaaffiin 5ffaan qorataan barsiisotaaf dhiyeesse Barattoonniikee kitaabilee adda addaa dandeettii barreessu isaanii cimsan mana kitaabatii akka dubbisan ni jajjabeessitaa? Kan jedhu yommuu ta'u barsiisota jiran keessaa 2(33%)kan ta'an eeyyen yommuu jedhan barsiisonni 4(67%)kan ta'an immoo lakkii jedhu. Kunis barsiisonni kitaabilee dandeettii dubbisuu barattootaa cimsu barattoonni isaanii akka dubbisaniif kakaasan baay'inaan muraasa akka ta'an hubanna. Haaluma kanaan gaaffiin 6ffaa irraatti barsiisonni gaafataman qabiyyee "barreessuu" jedhu karoofattanii barsiiftanii beektuu? Kan jedhu ture. Kanas barsiisonni lama(2) 33% kan ta'an eeyyeen yommuu jedhan, barsiisonni hafan afur(4)%67 kan ta'an immoo lakkii jedhan. Kanas sababa isaa yeroo ibsan wayitiin barnootaa afaan oromoof kenname gahaa akka hin taane ibsaniiru.

Walumaa galatti gaafaannoo barsiisota irraa walitti qabame kana irraa waanti hubatamu barreeffamni barattootaa Koollejji Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3ffaa baratan barreessan dogoggora adda addaa akka qabu, kanas barsiisonni isaanii hundi quba kan qaban akka ta'an, yommuu barsiisonni barsiisanitti barattoonni harki caalaan isaanii sirnaan barnoota isaanii kan hordofan yommuu ta'u, %33 kan ta'an barsiisonni isaanii wayita dandeeniin barreessuu barsiifamutti barattoonni barsiisoota hin hordofne akka jiran, irra caalaan barsiisotaa gilgaala dandeettii barreessuu barattoota isaaniif kennanii waan barattoonni isaanii barreessan ilaaluun duub-deebii kan hin kenninefi qabiyyee barreessuu jedhu irra caalaan barsiisotaa karoora barannoo isaanii godhatanii kan hin barsiifne akka ta'an, Qabiyyeen moojulii ittin barsiisaniin dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf mijataa kan hin taane akka ta'eefi barsiisonni barattoonni isanii kitaabilee dandeettii barreessuu barattootaa cimsuu danda'an adda addaa barattoonni akka dubbisan kan hin jajjabeesinne akka ta'ani dha.

Kanaafuu barreeffamni barattoonni kollejji barsiisotaa jimmaa muummee afaan Oromoo waggaa 3ffaa baratan sababoota adda addaa irran kan ka'e dogoggora akka qabu beekuun ni danda'ama.

4.4. Qaaccessa Ragaa Gaaffilee banaa ta'anii barattootaaf dhiyaate irraa argame

Mata duree kana jalatti barattoonni Afaan Oromoo Koollejji Barsiisotaa Jimmatti Waggaa 3^{ffaa} baratan Afaan Oromoon barreessuu keessatti dogoggora qaban ilaalchisuun bargaaffii banaa dhiyaatefii ture. Gaaffii dhiyaatef keessaa inni tokko barreessuu keessatti dogoggorri uumamu ka'umsi isaa maal akka ta'e adda baasuuf. Barattoonnis gaaffii kana yeroo deebisan barattoonni bakka sagaleen dheerachuu qabutti gabaabsuu, qub-guddeessa haalan dhimma itti bahuu dadhabuu, bakka jechi jabaachuu qabutti jechi laafaa ta'uu, sirni tuqaalee keessumatti immoo waraabbi, qoodduu jabaafi raajeffannoon hima keessatti iddoo itti galu adda baafachuu dadhabuudha jedhanii ibsan.

Ragaan barattootarraa argame akka ibsutti barattoonni Koollejji Barsiisotaa Jiimmaa keessatti Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan yommuu barreessan dogoggora adda addaa uumu. Kun immoo dandeettii barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa fiduun alatti yaada barreeffamaan darbu sana irratti jijjiirama ergaafi addan fageenya yaadaa uuma.

Kana malees habuuraa baruu barattootaa qorataan taasisen waan barattoonni barreessan yammuu sakatta'u, barruu barattootaa keessatti jechi jabachuu malu laafee yommuu barreeffamu, sagaleen dheerachuu malu gabaabbatee yommuu barreeffamu, akkasumas tuqaaleen adda addaa bakka galuu qabaniti hin galiin kan hafaniifi bakka hin barbaachifnetti immoo galanii kan jiran ta'uu isaaniiti.

4.5. Qaaccessa Ragaa Gaaffilee banaa ta'anii barsiisotaaf dhiyaate irraa argame

Gaaffileen banaa ta'aan adda addaa barsiisotaaf dhiyeessuun qorataan odeeffannoo funaannateera. Gaaffilee kanneen keessa inni tokko:

Barattoonni muummee Afaan Oromoo baratan yoo akkamitti baratan dogoggora barreessuu xiqqeessu jettee yaaddaa? gaaffii jedhu ture. Kanaafis deebiin isaan kennan barattoota kutaa gadiitii kaasee hanga dhaabilee ol aanootti jiraniif barsiisonni xiyyeeffanno itti kennanii dandeetti barreessuu irratti xiyyeeffannoo kennuun barsiisuufi hojii gilgaala dandeettii barreessuu barattootaaf kenname ilaaluun barsiisaan duub-deebii itti keennaa yoo barsiisefi barattoonni dogoggora isaanii fooyyeeffachuuf barsiisota qofa eeguu osoo hin ta'iin hiriyyota isaanii waliin duub-deebii waliif kenaa deemuun bakka isaanitti hulfaatatte barsiisaa isaanii waliin mari'achaa yoo baratan dogoggoraan barreessuun isaanii xiqqaachaa akka hafu dubbatu.

Gaaffiin banaa biroon barsiisotaaf dhiyaate, Dandeettii barreessuu barattoota yammuu barsiiftanu rakkoon isin mudatu maali? Kan jedhu ture.kanaafis deebii yommuu kennan :

1.Qaamni sirna barnoota bucu gilgaala dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuu danda'uuf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun gilgaalli dandeettii barreessii gabisuu muraasa ta'uu,

2.Dhaabbilee ol aanoo keessatti baay'inni wayitii barnoota Afaan Oromoof kennamu gad aanaa ta'u,

3.Sababa dhibee COVID 19'n wal qabaltee wayitiin barnootaa toorbetti 3(sadii) ture gara1(tokkootti) xiqqachuu

4.Tokko tokko barattootaa barreeffama isaanii ilaalanii duub deebii kenuuf yeroon ga'aan dhibuu

5.Barreeffamni barattootaa tokko tokko gonkumaa kan hindubfamne ta'uun rakkoowwan isaan kaasan.

Kanaafuu akka qaaccessa ragaan barsiisota irra argame ibsutti dandeettii barreessuu barattootaa xiyyeeffanno itti kennanii cimsuuf wantoonni armaan olitti eeraman dhiibbaa akka qabaniif kana furuuf immoo maneen barnootaa sadarkaa lffaa hanga dhaabbilee ol aanootti dandeettii barreessuu barsiisuuf haalonni qabiyyee kitaabaafi wayitiin barnootaa Afaan Oromoof kenname ga'aa akka hin ta'ne ta'uu isaati.Haali kun immo dandeeniin barreessuu barattootaa akka hin fooyyofneef dhiibbaa mataa isaa qaba.

4.6. Qaaccessa Ragaa Barattoota Barruu Barreessisuun argame

4.6.1.Dandeettii Barreessuu Barattoonni Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratani

Qaaccessa Barruu Barattootaa Seenaa dhuunfaa isaanii Barreessanii

Dandeettiin barattootni barruu barreessuu irratti qaban maal akka fakkatu adda baasuuf marsaa sadiif mata duree adda addaa irratti barattoonni barreeffama akka barreessan taasifamaniiru. Marsaa 1ffaa irratti waanti isaan akka barreessaniif isaanif kenname seenaa dhuunfaa keetii keeyyata lamaafi isaa ol barreessi kan jedhu ture. Kunis yeroo kennameef keessatti sirna barreeffama Afaan Oromoo qubeessuu, qub guddeessa, sirna tuqaaleefi walqabatiinsa yaada keeyyataa eegani kanneen barreessanfi barreessuu dadhaban addaan baasuun qacceffameera.

Gabatee⁴ barattoota seenaa dhuunfaa isaanii barreessanii

Akkaataa barattoonni itti barreessan	Ta'uu kan qabu	Qubee hafe	Qubee itti dabalame
Gudadhe	Guddadhe	d	-
Jimaa	Jimmaa	m	-
Qarsaa	Qarsaa	qub- guddeessuu	-
Ganndaa	Ganda	-	n , a
Baadiyaa	Baadiyyaa	y	-
Manaa	mana	-	A
Maatin	Maatiin	i	-
Buulaa	Bulaa	-	U
Wan	Waan	a	-
Koolejii	Koolleejjii	l,j	-
Jimaatii	Jimmaatti	m,t	I
Waggaa 2faa	Waggaa 2ffaa	g,f	-
Mumee	Muummee	u,m,	-
Jiiraa	Jira	-	i,a
Gaalaatoomaa	Galatoomaa	-	a,a,

Akkaataa gabatee armaan olii kana irratti mul'atutti:

Xiinxala Afaan Oromotiin barreessuu barattoota	Barattoota dogoggoraan barreessan		Barattoota sirnaan barreessan		Ida'ama	
	lakk	%	lakk	%	Lakk	%
Qubee Afaan Oromoo eeganii barreessuu	15	43	20	57	35	100
Qub-guddeessa eeguun barreeuu	9	25	26	74	35	100
Sirna tuqaalee barbaachisoo bakka barbaachisaatti fayyadamuu	21	60	14	40	35	100
Wal qabatiinsa yaada keeyyataa eeguun barreessuu	11	31	24	69	35	100

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti barattoonni kollejjii barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo waggaa 3ffaa baratan barattoota iddattoof filataman keessaa yommuu barreessaan qubee Afaan Oromoo eeganii barreessuu kan hin dandeenye 15(43%) yoo ta'an, barattoonni 20(%57) sirrii barreessuu. Qub-guddeessa eeganii barreessuu kan hin dandeenye barattoota 9(25%) yoo ta'an, barattoonni 26(%74) ta'an qub-guddeessa eeguun barreessuu. Akkasumas sirna tuqaalee barbaachisoo ta'an bakka barbaachisaa ta'etti fayyadamuu ilaalchisee barattoonni 21(%60) kan ta'an haalan fayyadamuu yoo dadhaban barattoonni 14(%40) ta'an immoo seeraan sirna tuqaalee fayyadamuu ni danda'u. Dabalatanis keeyyata barreessuu keessatti walqabatiinsa yaada keeyyataa eeguun irratti barattoonni 11(%31) kan ta'an yommuu hanqina qaban barattoonni 24(%69) ta'an immoo walqabatiinsa yaada keeyyataa eeganii barreessuu ni danda'u. Akka fakkeenyaatti "ani kaniin dhaladhee guddadhe" jedhanii barreessuuf ani kaniin dhaladhee guddadhe jechuu, Maqaan obolaan kootii jechuu kan qabu, maqa obolaan kootii jechuun barreessuu, Tujaaree, Darajjee, Gabayyoofi Taakkalaan obolaankootii jechuu kan qaban, tujaree, Darjee gabayyoo Taakalaan obolaan kootii jechuun barreessuutu barreeffama isaanii keessatti mul'ata. Barreeffama barattoota kana irraa waanti hubachuun danda'amu barattooni muraasni yommuu afaan Oromoon barreessan akkuma isaanitti dhufe barreessu malee, qubee isa kamtuu jabaachuu akka qabu, dubbachiiftuun bakka itti dheerachuufi gabaabbachuu qabu, maqaan namootaa qubee guddaan eegaluu akka qabuufi maqaa wantootaa yookiin namootaa yommuu tarreessan qodduutti fayyadamuun adda baasuu dhiisanii akkuma isaanitti fakkaate barreessuu. Kun immoo seera barreeffama afaanichaa cabsuura darbee namni barreeffama akkanaa dubbisu waan barreessan jechuu barbaade hutuu hin hubatiin hafa.

4.6.2. Qaaccessa Ragaa Barattoonni Faayidaa Biqiloota Magarisaa Barreessanii

Gabtee 5: Qaaccessa Ragaa Barattoonni Faayidaa Biqiloota Magarisaa Barreessanii

Jecha barattoonni barreessan	Kan ta'uu qabu	Qubee biraa hafe	Qubee itti dabalame
Biqiloonni	Biqiloonni	Qub-guddeessa	
Kunnunsuun	Kunuunsuun	-	n
Bishaanii	Bishaan	ii	-
Albuudotaa	Albuudota	-	a
Dhugatiif	Dhugaatiif	a	-
Olaa	Oola	o	-

Marsaa lammaa irrattii barattoonni faayidaa biqiloota magarisaa keeyyata sadiifi isaa ol akka barreessan yommuu gafatamanitti barattoota 35 keessaa barattoonni 7(%20)kan ta'an keeyyata isaanii isa jalqabaa yommuu eegalan qubee xiqqaa kan eegalan yommuu ta'an, barattoonni 28(%80)kan ta'an immoo keeyyata isaanii gubee guddaan eegaluun sirnaan barreessaniiru. Akkasuma barattoonni 16(%46)kan ta'an keeyyata tokko barreessanii isa birootti yommuu ce'an walqabatiinsi yaada keeyyata gidduu kan hin jirre yommuu ta'u, barattoonni 19(%54)kan ta'an immoo walqabatiinsa yaada keeyyataa eeguun barreessaniiru. Barattoonni 14(%40) kan ta'an immoo keeyyatni isaan barreessan rakkoo qubeessuu sirrii, fayidaa biqiloota magarisaa yommuu tarreessan qoodduu fayyadamuu dhiisuun barreeffama walitti butuun barreessaniiru.

Walumaa galatti barattoota fayiidaa biqiloota magarisaa keeyya sadiifi isaa ol akka barreessan gaafataman keessaa barattoonni seera barreeffamaa afaan Oromoo eganii barreessan akkuma jiran kanneen barreeffama isaanii keessatti jecha baalli biqilootaa lafa gabbisuuf gargaara jechuuf balii biqilootaa lafa gabisuuf gargaara jedhanii barreessaniis ni jiru. Kanarraa waani hubatamu barattoonni kun barreeffama isaanii keessatti rakkoo qubeessuu sirrii, rakkoo sirna tuqaalee haalaan fayyadamuu dhabuu kan qaban ta'uu isaaniiti. Barreeffanmi akkasii kun immoo dubbisaa biratti taajjabamuu bira darbee, barreessaan hojii isaatti akka leyya'u godha. Kanaafuu kaayyoo barreeffama ofii tokko galmaan gahuuf seera barreeffama afaan sanaa eeganii barreessuun barbaachisaa dha.

4.6.3. Qaaccessa ragaa barattoonii gaaffii qarshiimoo beekumsatu caalaa? jedhuuf yaada mataa isaanii barreessanii

Kaayyoon barattooni kana akka barreessaniif qorataan itti fayyadame keessa tokko barattoota hagamtuu yaada dhuunfaa isaanii barreeffamaan ibsachuu akka danda'aniifi yaada waa amansiisuu danda'uu dhiheessuu akka danda'an sakatta'uuf

Jecha dogoggoraa barraa'e	Kan ta'uu qabu	Kan keessa hafe	Kan itti dabalame
duursee	Dursee	-	u
Calaa	Caala	a	-
Caraa	Carraa	r	-
ibsuudhumaaf	Ibsuudhumaaf	u	-

Kan malees barattooni mataduree kana irratti yommuu keeyyata barreessan dogoggor kaneen akka: Xumura himaa irratti tuqaa fayyadamuu dhabuu, wal qabsiiftuuwan fayyadamuu dhiisuu, Xuqaatti aansuun gub-guddeessa fayyadamuu dadhabuu, mallattoo waraabbii bakka barbaachisaa ta'etti fayyadamuu dadhabuufatu mul'ata.

4.7. Qaaccessa Ragaa Sakatta'a Barruu Barattootaa

Dandeettii barreessuu barattootaa sakatta'uuf qorataan dabtara barattootaa akka iddattootti adda baafamanii walitti qabuun ilaaleera. Kanaanis dogoggorri dabtara barattootaa keessatti argaman kan qorataan adda baafate: Qub-guddeessa haalan itti fayyadamuu dhabuu, bakka sirni tuqaalee barbaachisuti itti fayyadamuu dhabuu, jechoonni wal qabsiiftotaan wal qabachuu malan wal qabachuu dhabuu, keeyyattoonni adda addaa jechoota wal qabsiiftota ta'anii wal qabachuu dhabuufi jechoota adda addaa yeroo barreessan qubeelee bakka isaanii malee itti dabaluufi keessaa hambisuun barreessuufi gilgaalonni dandeettii barreessuu barattootaa cimsan murasa ta'uu, kanas barattooni tokko tokko yommuu hojjetan isaan kaan immoo hin hojjetin kan bira darban ta'uun dogoggoroota isaan ijoo dabtara barattootaa keessatti argamani dha.

Gabatee 6 dogoggora sakatta'a barruu barattootaan argame

Barreeffama dogoggoraa barattooni barreessan	Yeroo sirreeffamee barreeffamu
Jechootaa tishoo	Jechoota tishoo
Maqi ibsitoota Afaan Oromoo	Maqibsoota Afaan Oromoo
Duduubee	durduubee
Dhamsaggota Afaan Oromoo	Dhaamsagoota Afaan Oromoo

Hima calaa	Hima callaa
Himtaa ijo	Himoota ijoo
Dubii qolaa	Dubbii qolaa
Galeewwan	Gaaleewwan
Keeyata adeessaa	Keeyyata addeessaa
Darggaggummaa	Dargaggummaa
Asoosaamaa gabaabaa	Asoosama gabaabaa
Sokkoksaa sokke	Sokoksaa sokke
Mataa duree	Mata duree
Barammoo	Barannoo
Uggumi	Uggum!
Raraye	Rarra'e

Walumaa galatti ragaan bargaaftii barattootaa, qormaataafi barruulee barattootaa sakatta'uun argame kan wal simu dha. Kun immoo kan agarsiisu barattonni qubeelee afaan Oromoo eegani sirritti barreessuu kan hin dandeenye akku jiran kanneen sirnaan barreessuu danda'anis nijiru. Haali kunis barattoonni muuxanno kanaan dura qabaniin kan wal caalan waan jiraniif garaagaruumaa gidduu jiru kana immoo xiqqeessuf gama baratafi barsiisaatiin ga'ee guddatu isaan irra eegama. Kun ta'uu yoo baate barsiisaan/tun barattoota isaanii duratti barreeffama dogoggora qabu barreessuun ofitti amanammummaa hir'isa waan ta'eef.

BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA,GOOLABAAFI YAADA FURMAATAA

Boqonnaa kana jalatti qorannicha ilaalchisee gudunfaaniifi yaadni furmaataa dhiyaateera. Qorannicha keessatti ragaaleen xiinxalamaniifi qabxiileen barbaachisoon qorannichaan argaman boqonnaa kana keessaatti dhiyaatanii jiru. Kana malees, hojiiwwan qorannicha keessatti adeemsifame ilaalchisee ragaalee qaacceffaman irraa hanqinoota argamaniif yaada furmaataati kan jedhu qoratiichi wal duraa duubaan ibseera.

5.1. Gudunfaa

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu dandeettii barreessuu barattoota kollejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaa baratan sakatta'uun barreeffamni barattooni barreessan maal akka fakkatu adda basuu dha. Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa ogummaa dandeettii barreessuu barattootaa Kollejjii barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3^{ffaa} baratan sakatta'uun ciminaafi hanqina barreeffama isaanii keessatti mul'atu adda baasuu dha.

5.2. Argannoo

Haaluma kanaan dandeettiin Afaan Oromoon barreessuu barattootaa maal akka fakkaatu sakkatta'uuf qorannoon kun bara barnootaa 2012 gaggeeffame. Bifuma kanaan barattoonni qorannoo kana irratti kallattiin hirmaatan 35 (50%) dha. Barsiisonni immoo muummee Afaan Oromoo barsiisaan 6(100%) yoo ta'an, ragaaleen adda addaa kan akka bargaaftii barattootaafi barsiisotaa qormaataa, sakatta'a barruulee barattootaan ragaan walitti qabameera.

Akka ragaan sassabame ibsutti ,

- ❖ Barattooni muummee Afaan Oromoo kolleejjii barsiisotaa Jimmaa keessatti waggaa 3ffaa baratan 35 keessaa % 50 kan ta'an gilgaallii dandeettii barreessu cimsu yommuu isaaniif kennamutti xiyyeeffannoo itti kennuun kan hin hojjenne dha.
- ❖ Barsiisonni Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo barsiisan Qabiyyee dandeettii barreessuu xiyyeeffannoo itti kennuun karoora barannoo isaanii keessa galchani kan hin barsiifne dha. Gama biraatii xiyyeeffannoon dandeettii barree cimsuuf kennamu gama barsiisotaanis hanqin kan jiru dha.
- ❖ Barattooni mata-duree adda addaa irratti keeyyata yeroo barreessan wal qabatiinsa yaada keeyyataa kan hin eegnee, sirna tuqaalee adda addaa haalaan fayyadamuu dhabuufi rakkoon

qub -guddeessa eeganii barreessuu dhabuuniifi rakkoon haalaan qubeessuu dadhabuu yookiin qubeelee itti dabaluufi keessaa hambisuun kan barreessani dha.

- ✓ Dogoggora Qub-guddeessa, Maqaa namootaa fi magaalotaa yommuu barreessan qubee xixiqqaan eegaluun dogoggora uumuu,
- ✓ Sirna tuqaalee;Maqaa namoota addaa addaa yommuu barreessan qooddutti fayya damuu dhiisuun,jechoota tishoo ta'an gidduu sarara xiqqaa fayyadamuu dhiisuu,
- ✓ Walqabatiinsa yaada keeyyataafi himootaa kana jechuun barreeffama keessatti yaadni akka hin ciccinne jechoota walqabsiisotatti fayyadamuu dhiisuu,
- ✓ Jecha jabaachuu qabu laaffisuu , jecha laafuu qabu jabeessuu ,sagalee dheerachuu qabu gabaabsuu, sagalee gabaabbachuu qabu dheeressuun dogoggorota barattooni barruu isaanii keessatti uumani dha.
- ✓ Barattooni kanaas afaanicha nan beeka jedhanii salphisaanii ilaalu,gilgaala dandeettii barreessuf xiyyeeffannoo itti kennuun hojjechuu dhiisuu,Barsiisonni shaakala dandeettii barreessuu yeroo kennan duub deebii barattoof hin kenniin hafuu,moojuliin ittin baratan gilgaala dandeettii barreessuu shakalsiisuu ga'aa of keessaa dhabuu,Sababa dhibee COVID 19'n wal qabatee wayitiin barnootaa torbanitti tokko ta'uun barsiisaan qabiyyee xumuruuf dhimmuu malee shaakalaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuu,Madaallii barattootaa keessatti barattootaa barruu barreessisuun madaaluun dhibuu, sadarkaalee barnootaa kanaa dura keessa darbanii dhufan keessatti dandeettii barreessuuf xiyyeeffannoon kennamuu dhabuun kanneen sababa ta'ani dha.

Kanas qorataan barattoota barruu barreessisuufi dabtara isaanii sakatta'uun hubatameera.

5.3. Yaada Furmaataa

1.Kitaabileeniifi moojuloonni barnoota Afaan Oromoo yommuu qophaa’an qabiyyee dandeettii barreessuu shaakalsiisuu qabaatanii maxxanfammuu akka qaban Biiron Barnootaa Oromiyaa haala mijataa uumuu qaba.

2.Barsiisotaaf yeroo yeroon leenjiin barbaachisaa ta’e kennamuufii qaba.

3.Kollejjotaafi Manneen barnootaa keessatti barnoota Afaan Oromoof wayitiin ga’a ta’e kennamuu qaba.

4.Barsiisonni baraattoota Afaan Oromoon barreessuu irratti hanqina qaban adda baasuun qophaatti deeggaruu qabu.

6.Barsiisonni barattoota isaaniif qormaata (madaallii)yeroo qopheessaan qabiyyee dandeettii barreessuu isaanii madaaluu qopheessuu qabu.

7.Dandeettiin barreessuu yeroo tokkotti kan gabbifatamu waan hin taaneef,manneen barnootaa sadarkaa lffaa kaasee xiyyeeffannoon itti kennamee irratti hojjetamuu qaba.

8.Maatiin barattootaa barreeffama ijoollee isaanii yeroo yeroon hordofuu qabu.

mootummaa,maatiin barsiisonni,barattoonni,kan waa’een barnootaa isaan ilaallatu hundi dandeettii barreessuu barattootaa ilaalchisee kutaa gad-aanaatii kaasee xiyyeeffannoo addaa itti kennuun hojjechuutuu irraa eegama.Xiyyeeffannoon godhamuu qabus,barsiisotaaf leenjii adda addaa kennuu,kitaabilee dandeettii barreessuu cimsuu irratti xiyyeeffatu qopheessuufi barattootaaf haala mijataa uumuu dha.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa(2014).*Semmo: Bu'ura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee:

Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa(2011).*Akkamta Yaadrimee Qorannoo Hujoo*: Finfinnee Ormiyaa

Beekaan Gulummaa(2015).*Tujuba. Saayinsii Dandeettiiwwan Afaanii*. Finfinnee: Elleni.p.p.plc

Descombe, M.(2007). *The Good Reseach Guide for small scale social Reseach projects*. 3rd Edition ,open University press.

Diyani R. and Pat, C.H.(1998).*The Scribner Hand Book for Writers*(2nd ed). Ally and Bacon:

Aviacom company.

Filee Jaallataa(2019).*Malleen Qorannoo*: Finfinnee Ormiyaa.

Getaachoo Rabbirraa(2016).*Furtuu. Seer luuga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Kuraz International.

Headge, Tricia.(1988).*Writing*. Hong kong: Oxford University press.

Hedge, T.(1983).*Writing Hand Book*. London: Oxford University press.

Langan, J.(1985).*College writing skills with Reading*. New York. Mc Graw Hill.

Masarat Zawudee (2016).*Hanqina Dandeettii barreessuu Afaan Oromoo Irratti Barattoonni Akka afaan lammaffaatti baratan qaban: Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatti mana barumsaa*

Sadarkaa lammaaffaa Abbaa Bunaafi Saxoo samaroo. Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii

Lammaaffaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Guuttachuuf Qophaa'e. Yuunivarsiitii

Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyyumaanitee Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruuf Dhiyaate. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Misgaanuu gulummaa(2011).*Kattaa: Ogummaa barreessuu*. Finfinnee Efficient printing press.

Nunan, D.(1991).*Language Teaching Methodology*. Cambridge University Press.

Pincase,A.(1982).*Teaching English Writing* .London:Mechanillan publisher.

Raggaasaa Asaffaa(2009).*Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barattoota Kutaa Torbafaa Haala*

Manneen Barnootaa Sdarkaa Tokkoffaa Marsaa Lammaffaa Magaalaa Gasaraa.

Waraqaa Qorannoo Digirrii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun

Guuttachuuf Qophaa'e.Yuunivarsitii Finfinnee Kollejjii Namummaa,Qorannoo Afaanotaa ,Jornaalizimiifi Qunnamtii,Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fooklooriif

Dhihaate Yuunivarsiitii Finfinnee.

Raimes,A.(1983).*Techinques in Teaching Writing*.Oxford:Unversity press.

Rechards and Rogers(1999).*Adult learning*.London:Open Unversity press.

(1986).*Approaches and Methods in Language Teaching Cambridge:*

Cambridge Unversity press.

Siisay Siyyum(208).*Xiinxala Wantootaa Dandeettii barreessuu Barattootaa Afaan Oromoo*

*Kutaa Iffaa irratti sababa ta'an.*Waraqaa Qorannoo Digirrii Lammaffaa Guuttachuuf,

Ogbarruufi Fooklooriif dhiyaate.Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Ur,P.(1996).*Acourse in Language Teaching practice and theory*.Cambridge:Cambridge University press.

Wasanee Bashaa(2001).*Seer-Luuga Afaan Oromoo*.Finfinnee.Mana maxxansaa Interprayizii

Meeggaa.

Dabalee A

Yuunivarsiitii Jimmaa

Koollejji Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Og-barruu

Sagantaa Barnoota Digiriin Boodaa(MA)

Bargaaffii Barattootaan Guutamu.

Kabajamtoota Barattootaa

Kaayyoon bargaaffii kanaa kollejoota magaalaa Jimmaatti argaman keessaa barattoota kollejjii Barsiisotaa Jimmaa waggaa 3ffaa barataniin kan guutamu yoo ta'u, odeeffannoo Afaan Oromoo barachuu keessatti akka hanqinaatti ilaalaman irratti xiyyeeffata. Keessumattuu barattoota koollejji Barsiisotaa Jimmaa keessatti waggaa 3ffaa barachuu keessatti dogoggora barreeffama barreessuu mudatan adda baafachuufi. Kollejji kana keessatti bar-gaaffii kana ati akka guuttu filamteetta. Ragaan argamu galma ga'iinsa qo'annichaatiif baay'ee barbaachisaa dha. Kanaaf gaaffii gaafatame filannoo qophaa'etti mari deebisi. Sirriitti akka naa guuttun gaafadha. Ragaa barataan kenne kamuu kan icciitiin qabamu yoo ta'u bu'aan isaa barattoota qofaaf tajaajila. Bargaafficha guutuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadii irratti mallattoo kee kaa'i.

Mallattoo: _____

Kanneen bargaaffii kana guuttan hundaa atooma naaf gootaniif durseen isin galateeffadha

Odeeffannoo Dhuunfaa

A. Maqaa kollejji _____ B. Muummee _____

C. Waggaa _____ D. Salaa _____ E. Umurii _____

1. Yammuu barreessitu dogoggora ni uumtaa? A. Eeyyee B. Lakkii

2. Barsiisaan yaadakee barreeffamaan ibsi yoo siin jedhe rakkoo tokko malee yaadakee barreessitee ibsachuu dandeessa? A.Eeyyee B..Lakkii

3. Gilgaallii dandeettii barreessuu cimsu yommuu isiniif kennamu xiyyeeffannoo itti kennutiin ni hojjettaa? A.Eeyyee B..Lakkii

4. Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti dandeettii barreessuu keetii cimsachuuf shaakalli ati gochaa turte ga'aa yookiin quubsaadha jettee ni yaadda?

5. Barsiisonni keessan shaakala dandeettii barreessuu gabbisuu danda'u gahaa ta'e isiniif kennuu?

A. Eeyyee

B. Lakki

Dabalee B

Yuunivarsiitii Jimmaa

Koollejii Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Sagantaa Barnoota Digiriin Boodaa (MA)

Bargaaffii Barsiisota Afaan Oromootiin Guutamu

Kaayyoo: Bargaaffiin kun kan barsiisota Afaan Oromootiin guutaman yoo ta’u, kaayyoon isaa odeeffannoo qorannoo kanaaf gargaaraan barsiisaa irraa argamu murteessaa waan ta’eefi.

Qajeelfama: Kabajamaa barsiisaa/tuu gaaffilee armaan gadii erga sirriitti dubbistee booda odeeffannoo gahaa akka naaf laattu kabajaan gaafachaa deebii filattu sanduuqa filannoo fuul dura jiru keessa mallattoo “ ” kaa’i Isa filannoo hin qabneef yaada kee naaf barreessi. Dhumarratti bargaafficha guutuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadiitti mallattoo kee kaa’ii.

Mallattoo: _____

Kanneen bargaaffii kana guuttan hundaa atooma naaf gootaniif durseen galateeffadha.

1. Gosa barumsaa barsiisan _____

2. Muuxannoo hojii barsiisuu waggaa _____

3. Sadarkaa barumsaa A) Dipiloomaa B) Digrii C) digrii lammaffaa (M.A)

5. Barattoonni kee dandeettii Afaan Oromoon barreessuu yoommuu barsiiftu xiiyyeeffannoo itti kennanii sihordofuu? A) Eeyyee B) Lakki

6. Gilgaala dandeettii barreessuu barattootakeef kennite ilaaluun yeroo hunda duub-deebii ni lattaa?

A. Eeyyee B) Lakkii

7. Wayitiin Afaan Oromootiif ramadamee jiru dandeettii Afaan Oromoo kutaatti barsiisuuf gahaadhaa? A) Eeyyee B) Lakki

8. Barattoonni kee kitaabilee adda addaa dandeettii barreessu isaanii cimsan mana kitaabatii akka dubbisan ni jajjabeessitaa?

11. Barattoonni muummaa Afaan Oromoo baratan yoo akkamitti baratan dogoggora barreessuu xiqqeessu jettanii amantu? _____

12. Dandeettii barreessuu barattoota yammuu barsiiftanu rakkoon isin mudatu maali?

Dabalee C

Yuunivarsiitii Jimmaa

Koollejjii Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Sagantaa Barnoota Digiriin Boodaa (MA)

Qormaata barreeffamaa Afaan Oromoo barattoota Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaaf qophaa'e Kabajamtoota Barattootaa

Kaayyoon qormaata kanaa kollejjoota magaalaa Jimmaatti argaman keessaa barattoota kollejjii Barsiisotaa Jimmaa waggaa 3ffaa barataniin kan barreeffamu yoo ta'u, odeeffannoo Afaan Oromoo barreessuu keessatti akka hanqinaatti ilaalaman irratti xiyyeeffata. Keessumattuu barattoota koollejjii Barsiisotaa Jimmaa keessatti waggaa 3ffaa barachuu keessatti dogoggora barreeffama barreessuu mudatan adda baafachuufi. Kolleejjii kana keessatti qormaata kana ati akka qoramtuuf filamteetta. Ragaan argamu galma ga'iinsa qo'annichaatiif baay'ee barbaachisaa dha. Raga barataan barreessu kamuu kan icciitiin qabamu yoo ta'u bu'aan isaa barattoota qofaaf tajaajila. Qormaata barreeffamaa kana qoramuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadii irratti mallattoo kee kaa'i.

Mallattoo: _____

Kanneen qormaata kana qoramuuf atooma naaf gootaniif durseen isin galateeffadha

Odeeffannoo Dhuunfaa

A.Maqaakollejjii _____ B.Muummee _____

C.Waggaa _____ D.Salaa _____ E.Umurii _____

Qormaata barreeffamaa (marsaa1ffaa)

1.Seena dhuunfaa keetii barreessi

Dabalee D

Yuunivarsiitii Jimmaa

Koollejjii Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Sagantaa Barnoota Digiriin Boodaa (MA)

Qormaata barreeffamaa Afaan Oromoo barattoota Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaaf qophaa'e Kabajamtoota Barattootaa

Kaayyoon qormaata kanaa kollejjoota magaalaa Jimmaatti argaman keessaa barattoota kollejjii Barsiisotaa Jimmaa waggaa 3ffaa barataniin kan barreeffamu yoo ta'u, odeeffannoo Afaan Oromoo barreessuu keessatti akka hanqinaatti ilaalaman irratti xiyyeeffata. Keessumattuu barattoota koollejjii Barsiisotaa Jimmaa keessatti waggaa 3ffaa barachuu keessatti dogoggora barreeffama barreessuu mudatan adda baafachuufi. Kolleejjii kana keessatti qormaata kana ati akka qoramtuuf filamteetta. Ragaan argamu galma ga'iinsa qo'annichaatiif baay'ee barbaachisaa dha. Raga barataan barreessu kamuu kan icciitiin qabamu yoo ta'u bu'aan isaa barattoota qofaaf tajaajila. Qormaata barreeffamaa kana qoramuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadii irratti mallattoo kee kaa'i.

Mallattoo: _____

Kanneen qormaata kana qoramuuf atooma naaf gootaniif durseen isin galateeffadha

Odeeffannoo Dhuunfaa

A.Maqaakollejjii _____ B.Muummee _____

C.Waggaa _____ D.Salaa _____ E.Umurii _____

Qormaata barreeffamaa (marsaa2ffaa)

2.Maqa miseensota maatii keessatti dhalattee(guddattee) tarreessi

Dabalee E

Yuunivarsiitii Jimmaa

Koollejji Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Sagantaa Barnoota Digiriin Boodaa (MA)

Qormaata barreeffamaa Afaan Oromoo barattoota Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaaf qophaa'e Kabajamtoota Barattootaa

Kaayyoon qormaata kanaa kollejjoota magaalaa Jimmaatti argaman keessaa barattoota kollejjii Barsiisotaa Jimmaa waggaa 3ffaa barataniin kan barreeffamu yoo ta'u, odeeffannoo Afaan Oromoo barreessuu keessatti akka hanqinaatti ilaalaman irratti xiyyeeffata. Keessumattuu barattoota koollejji Barsiisotaa Jimmaa keessatti waggaa 3ffaa barachuu keessatti dogoggora barreeffama barreessuu mudatan adda baafachuufi. Kolleejjii kana keessatti qormaata kana ati akka qoramtuuf filamteetta. Ragaan argamu galma ga'iinsa qo'annichaatiif baay'ee barbaachisaa dha. Raga barataan barreessu kamuu kan icciitiin qabamu yoo ta'u bu'aan isaa barattoota qofaaf tajaajila. Qormaata barreeffamaa kana qoramuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadii irratti mallattoo kee kaa'i.

Mallattoo: _____

Kanneen qormaata kana qoramuuf atooma naaf gootaniif durseen isin galateeffadha

Odeeffannoo Dhuunfaa

A.Maqaakollejjii _____ B.Muummee _____

C.Waggaa _____ D.Salaa _____ E.Umurii _____

Qormaata barreeffamaa (marsaa3ffaa)

3.Faayiidaa biqiloota magariisaa keeyyata 3(sadii) fi isaa ol barreessi.

Dabalee F

Yuunivarsiitii Jimmaa

Koollejjii Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Sagantaa Barnoota Digiriin Boodaa (MA)

Qormaata barreeffamaa Afaan Oromoo barattoota Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaa Muummee Afaan Oromoo Waggaa 3ffaa qophaa'e Kabajamtoota Barattootaa

Kaayyoon qormaata kanaa kollejjoota magaalaa Jimmaatti argaman keessaa barattoota kollejjii Barsiisotaa Jimmaa waggaa 3ffaa barataniin kan barreeffamu yoo ta'u, odeeffannoo Afaan Oromoo barreessuu keessatti akka hanqinaatti ilaalaman irratti xiyyeeffata. Keessumattuu barattoota koollejjii Barsiisotaa Jimmaa keessatti waggaa 3ffaa barachuu keessatti dogoggora barreeffama barreessuu mudatan adda baafachuufi. Kolleejjii kana keessatti qormaata kana ati akka qoramtuuf filamteetta. Ragaan argamu galma ga'iinsa qo'annichaatiif baay'ee barbaachisaa dha. Ragaa barataan barreessu kamuu kan icciitiin qabamu yoo ta'u bu'aan isaa barattoota qofaaf tajaajila. Qormaata barreeffamaa kana qoramuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadii irratti mallattoo kee kaa'i.

Mallattoo: _____

Kanneen qormaata kana qoramuuf atooma naaf gootaniif durseen isin galateeffadha

Odeeffannoo Dhuunfaa

A.Maqaakollejjii _____ B.Muummee _____

C.Waggaa _____ D.Salaa _____ E.Umurii _____

Qormaata barreeffamaa (marsaa 4ffaa)

4.Mata duree "qarshiimoo beekumsatuu caala?" jedhu fudhachuun siif isa kamtu akka caalu sababa isaa waliin yaadakee barreeffamaan ibsi.